# XIINXALA DANDEETTII AFAAN OROMOO DUBBISANII HUBACHUU DhABUU BARATTOOTA KUTAA 9FFAA MANA BARUMSAA SADARKAA 2FFAA BURQAA NOONNOO: HAALA BARSIISA BARNOOTA AFAAN OROMOO SADARKAA 1FFAA BU'UUREFFATEEN

**MASARAT TAADDASAA BADHAASAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVERSITY FINFINNEE.**

**FULBAANA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# XIINXALA DANDEETTII AFAAN OROMOO DUBBISANII HUBACHUU DhABUU BARATTOOTA KUTAA 9^FFAA^ MANA BARUMSAA SADARKAA 2^FFAA^ BURQAA NOONNOO: HAALA BARSIISA BARNOOTA AFAAN OROMOO SADARKAA 1^FFAA^ BU'UUREFFATEEN

**MASARAT TAADDASAA BADHAASAA**

**GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E.**

## MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVERSITII FINFINNEE.

**FULBAANA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# Yuuniversitii Finfinnee

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Og-barruufi Fookiloorii Gamiisaan Ittiin Guuttachuuf Masarat Taaddasaa, Mata-duree: *"Xiinxala Dandeettii Afaan Oromoo Dubbisanii Hubachuu Dhabuu Barattoota Kutaa 9^ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa 2^ffaa Burqaa Noonno Haala Brsiisa Barnoota Afaan Oromoo Sadarkaa 1^ffaa Bu'uureffateen,"* Kan Qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuuniversitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa ________________________________ Mallattoo _________ Guyyaa___________

Qoraa keessaa______________________________ Mallattoo_________ Guyyaa___________

Gorsaa ____________________________________ Mallattoo _________Guyyaa__________

---

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

**Axereeraa**

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa barattootni kutaa $9^{ffaa}$ M/barumsaa sadarkaa $2^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo dubbisa Afaan Oromoo hagam dubbisanii akka hubatan addaan baasuun hanqina jiruufi madda isaa xiinxalee furmaata kennuufdha..Ka'umsi qorannoo kanaas,'Gumii Dagaagina Aadaafi Afaanii' keessatti barattoota sadarkeessuuf dubbisa asoosamni gabaabaan kennameefi gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an akka hojjetaniif isaanii kenname keessaa barattootni harki caalaan isaanii qabxii gadi'aanaa fiduu isaaniiti. Haaluma kanaan barattootni akkamitti kutaa sagal ga'anii dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii hubachuuf hanqatu isa jedhuuf dirqamuudha.Qorannoo kana geggeessuuf mala qorannoo makaatu hojirra oolee jira. Kana bu'uura godhachuun meeshaalee odeeffannoo: qormaata, bar-gaaffiifi af-gaaffii fayyadamuun odeeffannoo guurame akka walitti kalaa'utti qaacceffamee jira. Bu'aaleen qorannicha irraa argaman akka mul'isutti, qormaatni barattootaa dhibbentaan guddaa qabxii walakkaa gadi fiduu; gama Bulchiinsa Mana barumsaan, gama barattootaafi barsiisotaan dandeettii kana fooyyessuuf xiyyeeffannaan godhamu akka hin jirre; dubbisni kitaaba barnoota irraa hawwataa ta'uu dhabuufi isuma'iyyuu seeraan shaakaluu dhabuu; kitaabni barnoota Afaan Ormoo ga'aan mana bafumsaa keessaa dabamuu; Afaan Oromoon afaan hiikkachuun qofti akka dandeettii kana nama hin gonfachisne; hanqina hubannaa irra kan ka'e waan Afaan Ormoo dubbataniif dandeettii kanas nan danda'a jechuun xiyyeeffannaa kennuu dhabuu barattootaa Mana Barumsaa Sadarkaa $1^{ffaa}$'tti guutummaan guutuutti barsiisota Barnoota Afaan Ormoo barsiisuuf eebbifamaniin Banoota Afaan Oromoo barsiifamuu dhabuufaa ;barattootni dhaamsagaafi birsaga addaan baasuu dhabuun rakkoo akka ta'e; dandeettiin kun harki caalu Mana Barumsaa Sadarkaa $1^{ffaa}$'tti akka gonfatamufaa hubatamee jira. Itti dabalees, dandeettii kana milkeessuuf dhibentaan guddaa harka barsiisaa keessa jiraachuufi, barataanis ta'e Bulchiinsa Mana Barumsaa barumsaa ga'ee mataa isaa akka qaban niagrsiisa. Haaluma kana irraa ka'uun qaamni tokko qofti ga'ee isaa ba'uun dandeettii kana milkeessuu waan hin dandeenyeef qaamoleen hunduu ga'ee isaa ba'uun gonfachiisuufi barsiisaan ammoo hunda caalaa dirqama ogummaa isaa seeraan yoo ba'e guutumaatti gonfachiisuu baatus fooyyessuu ykn salphisuun akka danda'u yaboo jalatti kaa'ameera.*

# Galata

Duraan dursee fayyaa, nagaafi hiree kana kan naaf kennee Waaqayyoof galanni guddaan haa ta’u. Itti aansuun qorannoo kana geggeessuu keessatti yeroo isaanii qaalii aarsaa gochuun nuffii malee ogummaa qabaniin kallattii natti agarsiisaa kan naa qajeelchaa turan gorsaa kiyya Dr.Dinqeessaa Dheeressaaf galanni kiyya daran ol’aanaadha.Yuuniversitii Finffinnees gorsaa na qajeelchuufi qarshii ani ittiin qorannoo kana hojjedhu waan naa ramadeef nan galateeffadha. Akkasumaas, qorannoo kana milkeessuu keessatti odeeffannoo barbaachisu qusii malee naa kennuun ga’ee ol’aanaa kan taphatan barsiisota AfaanOromoo Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo, Barsiisota Afaan Oromoo Mana barumsaa $1^{ffaa}$ Abdii Noonnoo, Gujeefi barattoota Mana Barumsaa $2^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo nan galateeffadha. Keessattuu akkan gargaaramuuf haala kan naa mijeessan Dura-bu’aa Mana Barumsaa $2^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo Barsiisaa Shibbiruu Dhugumaa nan galateeffadha. Ammas qorannoo kana akkan fiixaan baasuuf karaa adda addaa deggarsaafi hamileen kan na waliin ta’e abbaa manaa koo obbo Indiriyaas Ittaanaa nan galateeffadha. Karaa biraan ammoo mana keessa hanqina jiru naa guutuun karaa addaaddaan kan na bira dhaabbatan haadha koo, Adde Xurunash Jaallataafi ijoollee koo Saaroon, Roobsan, Simboofi Kakuu hedduun isaan galateeffadha.

## Jibsoo

| Gabaajee/kotoonfachisaa | Jecha |
|---|---|
| ➢ A/O | -Afaan Oromoo |
| ➢ M/barumsaa | -Mana barumsaa |
| ➢ Bul/M/barumsaa | -Bulchiinsa mana barumsaa |
| ➢ M/b/sad. 1ffaa A/N | -Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Abdii Noonnoo |
| ➢ M/b/sad. 1ffaa Gujee | -Mana barumsaa sadrkaa 1ffaa Gujee |
| ➢ M/b/sad. 1ffaa B/Noonnoo | -Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Burqaa Noonnoo |
| ➢ Bul/M/Buraayyuu | -Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu |
| ➢ Af-gaaffii | -Gaaffii afaanii |
| ➢ Bar-gaaffii | -Gaaffii barreeffamaa |
| ➢ M/B/B/Noonnoo | -Mana Barumsaa Burqaa Noonnoo |
| ➢ B/A/Oromoo | -Barnoota Afaan Oromoo |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

BOQONNAA TOKKO: SEENSA....................1
1.1. Ariirrata Qorannichaa....................1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa....................4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa....................6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa....................6
1.5. Daangaa Qorannnichaa....................6
1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa....................7
1.7. Hanqina Qorannichaa....................8
1.8. Qindoomina Qorannichaa....................8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU....................9
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee....................9
2.1.1. Maalummaa Dandeettii Dubbisuu....................9
2.1.2. Dubbisanii Hubachuu....................11
2.1.3. Barbaachisummaa Dandeettii Dubbisuu....................13
2.1.4. Waantoota Dubbisanii Hubachuu Irratti Gufuu Ta'an....................15
2.1.5. Sababa Dubbisanii Hubachuu Dadhabuun Nu Mudatan....................15
2.1.6. Haala Hanqina Dubbisanii Hubachuu Dadhabuu Barattoota Itti Maqsan....................16
2.1.7. Gulantaalee Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu....................16
2.1.8. Hiika Jechootaa Hubachuu....................20
2.1.9. Meeshaalee Deggersa Barnootaa....................21
2.1.10. Ilaacha ykn Fedhii....................22
2.1.11. Muuxannoofi Gahumsa Barsiisaa....................22
2.1.12. Mata-dureefi Himoota Dubbisaa Addaan Baasuu....................22
2.1.13. Gosoota Dubbisuu....................22
2.2. Sakatta'a Qorannoo Wal-fakkii....................23
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA....................25
3.2. Saxaxa Qorannichaa....................26
3.3. Madda Ragaalee....................26
3.4. Mala Iddatteessuu....................26
3.4.1. Filannoo Daree....................26

3.4.2. Filannoo Barsiisotaa ........ 26
3.4.3. Filannoo Barattootaa ........ 27
3.5. Tooftaalee Funaansa Ragaalee ........ 28
3.5.1. Qormaata ........ 29
3.5.2. Bar-gaaffii ........ 29
3.5.3. Af-gaaffii ........ 30
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 31
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE ........ 32
4.1. Ibsa Gabaabaa Odeef-Kennitootaa ........ 32
4.2. Kutaa Xiinxala Ragaalee ........ 33
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 48
5.1. Cuunfaa ........ 48
5.2. Argannoo Qorannichaa ........ 49
5.3. Yaboo/Yaada Furmaataa ........ 50
Dabalee A ........ 54
Dabalee B ........ 62
Dabalee C ........ 63
Dabalee D ........ 64
Dabalee E ........ 65

Gabateewwan

Gabatee 1 ........ 32
Gabatee 2 ........ 32
Gabatee 3 ........ 33
Gabatee 4 ........ 33
Gabatee 5 ........ 35
Gabatee 6 ........ 40

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Kaayyoon gooroo barnoota afaanii dandeettiiwwan afaanii arfan, beekumsa seer-lugaafi og-barruu gonnfachiisuu yoo ta'u, isaanis adeemsa baruu basiisuu keessatti ga'ee mataa isaanii kan qabaniidha.Yaada kana Geetaachoon (2005:5) akkas jechuun ibsa."Kaayyoon gooroo barnoota afaanii dandeettiiwwan afaanii arfan jechuun: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu yoo ta'u; beekumsi seer-lugaafi og-barruus kaayyoo afaanii keessatti kan gonfatamuudha."jedha. Egaan yaadi armaan olii kan nama hubaciisu afaan barsiisuun mana barumsaa keessatti yoomeessi qophaa'ee kitaabaafi meeshaan barbaachisaa ta'an dhihaatanii barsiisaafi yeroon ramadameefi dandeettiifi beekumsi olitti eeraman kan gonfataman ta'uu isaati.

Dandeettiiwwan kanneen keessaa"Dubbachuufi barreessuun karaa odeeffannoo namoota biroof dabarsuuf oolu yoo ta'u, dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuun ammoo karaa odeeffannoo ykn beekumsi haaraan ittiin fudhatamu ykn gonfatamuudha."Shermila, (2006:29).Kanaaf, dhaamsa darbaa jiru tokko qixa sirrii ta'een yoo hindubbifne ergaa dhiyaate hubachuun hindanda'amu.Atkinsiifi kanneen biroo (1996:76) akka jedhanitti,"Dubbisuun dandeettiiwwaniifi tarsiimoowwan adda addaa fayyadamuun waan barreeffame tokkoof hiika kennuudha."jedhu. Akka yaada kanatti dubbisuun gocha hiika ykn ergaa waan barreeffame irraa argachuu ta'uu isaa ni mul'isa. Dabalataanis, Atkins (1996:38), "Dubbisuun karaa barreessaafi dubbisaan ittiin walii galaniidha." Akka yaada hayyuu kanaatti dubbisuun karaa barreessaan yaada isaa barreeffamaan waraqaa irratti yoo katabu dubbisaan ammo barreeffamicha dubbisuun yaada barreessaa sanaa hubata. Kun kan ta'uu danda'u immoo dubbisaan ergaa barreeffamichaa yoo hubachuu danda'eedha.

Gochi dubbisuu kun bu'uura barnootaafi dandeettii jiruufi jireenyaa dhala namaa guyyuu keessatti baay'ee kan barbaachisuudha. Sababni isaa gocha nama tokko wanta barreeffamee jiru irraa ergaa barreesichaa ykn barreeffamichaa hubachuu waan ta'eef.Kanaaf jireenya guyyuu dhala namaa keessatti iddoo ol'aanaa qabaachuu isaa mul'isa.

Dubbisanii hubachuuf ammoo afaan sana beekuun dirqama.Akka yaada hayyuu, Larsen Freeman Diane (1986) jedhutti, Afaan beekuun hawaasa beekuudha jedha. Kana jechuun isaa kan namatti agarsiisu, afaanni calaqqisiisaa falaasamaa, aadaa eenyummaa,seenaa, ilaalcha hawaasa tokkoo waan ta'eef afaan hawaasa sanaa yommuu qo'achuun beeku, isaan kanas waliin beekuun hin oolu. Akkasumas, barataan afaan dubbisa  sanaa dubbisee hubachuuf qubee afaan sanaa illee beekuu qaba.Oromoon tartiiba qubee Laatinii fayyadama.Qubeen Afaan Oromoo soddomii

sadiitu (33) jiru.Kanneen keessaa qubeen torba dachaadha.Qubeen Afaan oromoo guguddaafi xixiqqaa jedhamee bakka lamatti qoodama.Kanneen keessaa dubbachiistuun shan .Hinseenee Makuriya,(2017:23).“Dubbisa dubbisuun dura qubee afaan sanaa bocaafi maqaa isaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha.”jedha.Christeen Nattal (1992) akkasiin yaada kana tumsiti.Maloota dubbisuu barsiisuuf oolan maloota dubbisa bu’uuraa afur keessi.Isaanis: mala fooniksii, mala caqasanii jechuu, mala ilaalanii raawwachuufi mala ilaalaaaani dubbsuufaati. Malleen kanneen keessaa malli fooniksii mala qubee addaan nama baafachiisu waan ta,eef itti fayyadamuun gaarii akka ta,e nu hubachiisa.

Qubee afaan sanaa beekuu qofti dubbisanii hubachuuf nama hin gahoomsu.Barataan dubbisee hubachuu qabu tokko seera barreeffama afaan dubbisa sanaa beekuu qaba Afaan Oromoo seerota barreeffamaa bu’uura ta’an ja’a (6) hordofa.Isaanis sagalee gabaabaa fi dheeraa, laafaa fi jabaa, irrabutaafi hudhaadha.Hinseenee Makuriyaa (2017:31-35) “Seera barreeffamaa beekuun dubbisanii hubachuuf angafa.” jedha. Fedhaanii (1999:85) yaada kana yommuu ibsu,“Seera barreeffama Afaan Oromoo gabaabsuu, dheeressuu, laaffisuu, jabeessuu, irrabutafi hudhaan kan jiru dubbisuu danda’uu qaba.Isa dheeraa yoo gabaabse, isa laafaa yoo jabeesse ergaa hubachuu qabu waan hin hubanneef.” jechuun yaadicha tumsa. Sagaleen gabaabaafi dheeraan kun qubee dubbachiistuu irratti hundaa’a. Geetaachoon (2006:26) sagalee gabaabaa kan jedhamu qubeen dubbachiistuu A/O warri bu’uuraa shanan yommuu gabaabaa uumanii. Sagalee gabaabaa dubbachiistu leexaa irraa, dheeraan ammo dubbachiistuu gosi tokko lama walitti aanuun kan uumamuudha. Sagalee dheeraa uummuuf yeroon fudhatu, sagalee gabaabaa uumuuf kan fudhaturra ni caala.Dabalataan, dheeressuufi gabaabsuun garaagarummaa hiika jechaa, qubeessaafi sagalaassaa ni fida.Sagalee laafaafi jabaa ammo qubee dubbifamaa irratti hundaa’a.Yaada kana Geetaachoon, (2006:28) haala kanaan ibse.“Seera barreeffama A/O keessatti sagleen laafaa dubbifamaan gosi tokko, tokko ta’ee jecha keessatti barreeffama.Sagalee jabaan ammo dubbifamaan gosi tokko lama ta’ee yoo walitti aanee jecha keessatti barreeffamedha.”Egaan yaada hayyuu kanarraa kan hubannu laafinniifi jabinnii sagalee garaagarummaa hiikaa, sagaleessaafi qubeessaa nifida.Itti dabaluun Hinseenee Makuriyaa (2017) irratti, sagaleen irrabutni jecha keessatti yoo dubbifamaan gosi addaaddaa walitti aanee barreeffame akka ta’eefi sagaleen hudhaan jecha keessatti bakka affuurri addaan citu,dubbachiistuun gosi addaddaa walitti aanee dhufufi iddoo dubbachiistuu sadiifi afur walitti aanee dhufu hudhaa fayyadamuu akka qabnu barataan beekuu qaba  jedha.

Ergaa barreeffama tokkoo sirriitti dabarsuuf sirni tuqaalee ga'ee guddaa waan qabuuf barattootni dubbisanii hubachuuf faay'idaafi iddoo itti sirna tuqaalee fayyadaman beekuu qabu.Yaada kana Addunyaan, (2018:134) yeroo ibsu,"Sirni tuqaalee ergaa barreeffama tokkoon darbu haala barbaadameen dubbisaa biraan gahuuf gumaacha guddaa taasisa." Jedha. Akka yaada kanaatti: Sirna tuqaalee utuu hin fayyadamiin barreeffama,barreeffame ergaa isaa hubachuun rakkisaa akka ta'e nu akeeka.Yaaduma kana Geetachoon, (2006:154) yoo ibsu, "Sirni tuqaalee gosaafi bakka tajaajilaan addadda ta'anillee hima ijaaraman guutuu taasiisuuf barbaachisoodha." jechuun yaadicha tumsa.

Dandeettiiwwan dubbisuu,dandeettiiwwan arfan keessaa isa baa'yee barbaachisaafi hojii baruu barsiisuu keessatti iddoon isaa kennamu ol'aanaadha. Geetaachoo (1996).Atkins, (1996:39) irratti akkasiin ibsiti,"Sababni barbaachisummaa isaa milkaa'inni barnootaafi kufaatiin barattootaa caalmaatti kan irratti hundaa'u dandeettii dubbisanii hubachuurratti waan ta'eefidha."jechuun yaadicha deeggara. Kunis, kan nu hubachiisu ciminni barattootaa kan ittiin hubatamu dubbisuun ta'uu isaati. Yaada kanas Atkiniisiifi kanneen biro (1996:39), "Basically, because students eventual academic success or failure depends to large degree their ability to read and comprehend the text books and notes they receive in the different subjects they study." jechuun ibsu.

Sababni barbaachisummaa dandeettii dubbisuu; milkaa'inniifi kufaatiin barnoota barattoota, dubbisuu danda'uu isaaniirratti hundaa'a.Kana jechuun, beekumsa qabiyyee barnoota sanaa utuu qabanii waan dubbisan hubachuu hin dandeenyeef yeroo qormaata dhaban agarra.Barnootni barattootaas kan inni gaarii ta'u, yoo isaan dubbisanii hubachuu danda'aniidha.Kanaafis barattootni dandeettii dubbisuu kana gabbifatanii barreeffama adda addaa dubbisuun hubannoo isaanii akka bal'ifatan nu hubachiisa.

Dandeettii dubbisuu fooyyeffachuuf ammoo karaan caalaatti filatamaa ta'e bal'inaan dubbisuu dha. Akka Tasfaa'een (1986:13) irratti jedhutti,"Dandeettiin dubbisuu yeroo murtaa'aafi daanga'aa ta'e keessatti baratamee kan gonfatamu utuu hin ta'iin yeroodhaa yerootti akkuma muuxannoo dubbisuu horachaa deemnuun gonfanna."jedha. Akka yaada kanaatti muuxannoon dubbisuu fedhii dubbisuu akka nama keessatti uumu hubanna.

Dandeettii dubbisuu gabbisuuf ammoo fedhiin dubbisuu jiraachuun murteessaadha ykn bu'uuradha.Yaada kana Baddiluun (1996:31) akkas jechuun cimsa."Yeroo baa'yee barattootni daree barnootaatti kan dubbisan fedhiin utuu hintaane waan barsiisaan ajajeef ykn kitaaba

isaaniirratti barraa'eef qofa."jedha.Kanaafuu, barattootni akka dirqamaatti akka hin ilaalleef barsiisonn fedhii dubbisuu isaan keessatti uumuun dubbisuu akka jaallatan gochuufi jajjabeessuu akka qabu nu hubachiisa.

Barattootni dhugaa jiru kana hubachuun dandeettii dubbisuu isaanii cimsachuuf dirqamanii osoo hintaane fedhiifi jaalala isaaniin shaakala walirraa hincinne gochuun isaan irraa eegama.Itti dabalees, adeemsa baruu barsiisuu keessatti wantootni hedduun kan hojjatamu karaa dubbisuutiin ta'uu beekuu qabu. Gosa barumsa kamiyyuu keessatti barattootni ofii isaaniitiin barruu dubbisanii hubachuu baannaan baruu barsiisuun galma akka hin geenye hubachuu qabu.Beektonni hedduunis yaada kana ni mirkaneessu. Fkn. akka Geetaachoo(1996) ibsutti dandeettiin dubbisuu dandeettii baa'yee barbaachisaa ta'ee, ciminaafi dadhabina barattootni barnootarratti qaban kan murteessufi afaan barachuufis dandeettii furtuudha.Yaaduma kana Sensaan (1997:45) akka jetutti "Adeemsa baruu barsiisuu keessatti hojiin bal'inaan kan hojjatamu karaa dubbisuutiin ta'ee tartiiba sagalee '(letters of alphabet)' hubachuu irraa eegalee hanga jechootaafi himoota akkasumas wantoota barreeffaman hunda dubbisuu danda'uudha." jechuun tumsiti. Namoonni haala gaariidhaan yaada wal-jijjiiruufis ta'ee wal-quunnamuuf dandeettiin dubbisuu murteessaadha (Nattal,C. 1992).

Walumaagalattii ariirratti kun kan calaqqisu dandeettiin dubbisuu dandeettiiwwan arfan keessaa tokko ta'uu, dubbisuu jechuun ergaa barreeffama tokko hubachuun duub-deebii itti kennuu, karaa dubbisaan yaada barreessaa hubatu, akka ta'eefi dandeettiin kun kan gonfatamu ammoo, qubeefi seera afaan sanaa beekuu, hiika jechoota afaan sanaa beekuu, itti fayyadama sirna tuqaalee afaan sanaa beekuu, fedhiin shaakaluufaa akka ta'e; dandeettiin dubbisuu adeemsa baruu barsiisuu milkeessuu keessatti ga'ee ol'aanaa akka qabu hubachiisa. Kun kana ta'ee osoo jiruu qorattuun kun barattootni kutaa sagal ga'anii dubbisa A/Oromoo dubbisanii hubachuu dadhabuu isaanii maaliif akka ta'e duubee ykn dhuftee m/b sad.1[ffaa] isaanii qorachuun furmaata kennuuf.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Dandeettiiwwan afaanii, barachuun argamu keessaa tokko dandeettii dubbisuudha.Kunis, jiruufi jireenya dhala namaa guyyuu keessattis ta'ee, hojii baruu barsiisuu barattootaa milkeessuu keessatti ga'ee ol'aanaa qaba.Barbaachisummaa dandeettii dubbisuu beektonni karaa hedduun nimirkaneessuu.Kanas Sensaan (1997:145) akkasiin ibsiti, "Adeemsa baruu barsiisuu keessatti hojii bai'aan kan hojjetamu karaa dubbisuutiin ta'ee, tartiiba sagalee 'Letters of alphabet'

hubachuu irraa eegalee hanga jechootaafi himoota akkasumas wantoota dubbifaman hunda dubbisuu danda'uudha." jetti. Kun kan nama hubachiisu adeemsa baruu barsiisuu milkeessuu keessatti dandeettiin dubbisuu dorgommii akka hin qabne mul'isa.Yaaduma kana Geetaachoon (1996) akkasiin cimsa, "Ciminaafi dadhabina barattootni barnootarratti qaban kan murteessuufi afaan barachuudhaafis, dubbisuun furtuudha." jechuun ibsa." Haata'u malee galma ga'iinsa dandeettii kanaaf qaamoleen ga'ee adda addaa qaban jiru.Isaanis: mootummaa, waajjira barnootaa, bul/m/barumsaa, barsiisaa, barataafi maatii barataadha.Sadarkaa ga'een isaanii wal-haacaalu malee hunduu ga'ee mataa isaanii qabu.Kana jechuun galma ga'iinsa dandeettii dubbisuu keessatti dhibbentaa guddaa barsiisaatu qabata.Yaada kanas, Height (1977:25) irratti "The very important and immediate man and woman to carry out responsibility in charching and shaping students."jedha .Kanarraa akka hubanutti barsiisan ga'umsa qabu barattoota isaa bocuu akka danda'u agarsiisa.Qaamota kanneen keessaa qaamni tokko qofti ga'ee isaa ba'uus hojii kana milkeessuun galmaan ga'uu hindanda'u. Kanaafuu, qaamoleen hunduu ga'ee isaanii utuu ba'anii milkaa'inni barbaadamu ni dhufa.

Kun kana ta'ee utuu jiruu qorattuun qorannoo kanaa barattootni kutaa 9$^{ffaa}$ M/barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo Gumii Dagaagina Aadaafi Afaanii keessatti barattoota sadarkeessuuf asoosama gabaabaa akka mana barumsaatti dubbisanii gaaffilee asoosamicha keessaa ba'an akka hojjetaniif isaanii dhiyaate keessa qabxiin barattootaa harki caalu gadaanaa ta'ee jira. Haaluma kanaan qorattuun kun barattootni kutaa 9 (sagal) ga'anii dubbisa A/Oromoo dubbisanii hubachuu dadhabu; yoo sadarkaa itti dandeettii dubbisuu bal'inaan shaakalaniitti rakkoo qabaatan malee isa jedhu duubee isaanii qorachuuf ishee kakaase. Xiinxala dandeettii A/Oromoo dubbisanii hubachuu barattoota kutaa 9$^{ffaa}$ m/b sadarkaa 2$^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo: Haala duubee barattoota bu'uurreffateen isa jedhu irratti xiyyeeffata. Kanumaan qorattuun kun barttootni kun kutaa 9 (sagal) ga'anii dubbisa A/O dubbisanii hubachuun dadhabuun isaanii maaliif? gadi'aanaa akka ta'e duubee isaanii qorattee hiika kennuun rakkoo kana maqsuuf yaaddeeti.

**Gaaffilee Ka'umsa Qorannichaa**

1. Barattootni M/barumsaa Sad.2$^{ffaa}$ Burqaa Noonnoo Kutaa 9$^{ffaa}$ dubbisa A/O hagamtu dubbisee hubata?
2. Dubbisanii hubachuun barattootaa kanaaf hanqinni jiru maali?
3. Maddi isaa maalfaa ta'uu dandaa'a?
4. Hanqina mul'ate kana haal kamiin fooyyessuu qabna?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Barattootni kutaa 9ffaa dubbisa Afaan Oromoo hangam akka dubbisanii hubatan beekuun duubee isaanii qoratee hanqinaalee jiru xiinxaluun furmaata kennuu.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Barattootni M/barumsaa sad.2ffaa Burqaa Noonnoo kutaa 9ffaa' ttii barattootni hagam dubbisa A/O dubbisanii akka hubatan addaan baasuu.
2. Dubbisanii hubachuun barattootaa kun ija duubee ykn dhuftee sad.1ffaatiin garaagarummaan jiraachuufi dhiisuu isaa mirkaneessuu.
3. Hanqinni yoo jiraate maddi isaa maalfaa akka ta'an ibsuu.
4. Hanqina mul'ate kana fooyyessuuf haala kamiin shaakalsiisuu akka qaban eeruu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan barbaachiseef adeemsa barattootni kutaa 9ffaa dubbisa A/O dubbisanii hubachuu isaanii hagam akka ta'e addaan baasuun, duubeen isaanii maal akka ta'e qorattee xiinxaluun furmaata kennuurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan barsiisonni muummee A/O keessa jiranis ta'e qaamni dhimmi kun ilaallatu hundi barattoota kana maaltu dubbisanii hubachuu isaan dhowwe isa jedhu addaan baasanii hubachuun waan barbaachisuufidha. Kanaafuu, qorannoon kun mana barumsaa qorannoon kun keessatti geggeeffameef furmaata akka ta'uuf, barsiisonni manneen barnoota adda addaa rakkoo kana fakkaatu qaban kallattiin itti fayyadamoo akka ta'aniif ni gargaara jedhamee amanama.Ammas qorataa biraan rakkoolee dhimmoota kana waliin wal-qabataniif akka madda odeeffannootti gargaaruu waan danda'uuf.

### 1.5. Daangaa Qorannnichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame Godina Addaa Naannawa Finfinneetti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Burqaa Noonnootti.Innis mataduree, "Xiinxala Dandeettii Afaan Oromoo Dubbisanii Hubachuu Barattoota Kutaa 9ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Burqaa Noonnoo: Haala Kenninsa Barnoota A/Oromoo Mana Barumsaa Sad. 1ffaa Bu'ureeffate irrattiidha." Qorannoon kun manneen barnootaa Buraayyuu keessaa M/barumsaa Sadarkaa 2ffaa Burqaa Noonnoo Kutaa 9ffaa yoo ta'u, kenninsa Barnoota Afaan Oromoo Sad. 1ffaan wal-qabatee ammoo barattootni baay'inaan kan irraa dhufanii baratan m/barumsaa sadarkaa 1ffaa Abdii Noonnoofi m/barumsaa sadarkaa 1ffaa Gujee waan ta'eef achirratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Bul/Mag/Buraayyuu Magaalaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee keessaa ishee tokko yoo taatu, moggaasa maqaa Buraayyuu jedhu kan argatte muka naannoo sanatti biqiluun beekamaa ta’e Buraayyuu kan jedhamu irraati. Magaalli Buraayyuu kan hundoofte bara 1946 A.L.H. yoo ta’u yeroo sanatti abbaa lafaa kan ture Giraazmaash Roobii Kallachaan akka ta’e maddi odeeffannoo kanaa ni akeeka. Bulchiinsi Magaalaa Buraayyuu bara 1991 eegalee guddina saffisaa keessa kan jirtu ta’uus ni mullisa.

Haalli bulchiinsa ishee Buraayyuun Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Bul/Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti kan hoogganamtudha.Bara 2005 rifoormii magaalotaa godhameen bulchiinsa magaalaa ta’uu argattee.(pirofaayilii Bul/Mag.Buraayyuu, 2019)

Bara 2006 irraa eegalee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin magaalota hundaaf sadarkaa kennameen magaalaa sadarkaa 1[ffaa] kan taate yoota’u Mudde 2007 irraa eegalee ammoo maaster pilaanii akka argattu godhamee jira.

Bul/Mag/Buraayyuu ballina lafaan Bul/Mag/Finfinneetti aantee kan argamtu yoo ta’u ballina lafa iskuur km 90.57 kan qabduudha. Dheerinni daangaa ishee Bul/Mag/Finfinnee waliin qabdu 15 km. Haalli qilleensa baramaa Bul/Mag/Buraayyuu rooba yeroo dheeraa kan argattuufi qilleensa qabbanaa’an kan itti heddumaatudha. Baay’inni uumataa Bul/Mag/Buraayyuu yoo ilaallu saffisaan kan dabalaa jiru ta’uu lakkoofsi manaafi uummataa sadarkaa Gooxii geggeeffamuun ragaan bara 2011 ni agarsiisa. Kunis, baay’inni uummataa 2009 ALH’tti, 250,000 (kuma dhibba lamaafi kuma shantama) ture bara 2011’tti 375,349 (kuma dhibba sadiifi kuma torbaatamii shaniifi dhibba sadiifi afurtamii sagal)’tti akka guddate maddi kun ni ibsa.Kanarraa kaanee baay’ina uummata ishee yoo tilmaamnu baay’ee akka dabalaa jiru agarsiisa.

### Argama

Bul/Mag/Buraayyuu Bul/Mag/Finfinnee irraa gara lixaatti 15 km. fagaattee kan argamtu yoo ta’u daangaa kallattiin wal-qabateen immoo karaa kallattii Bahaan Bul/Mag/Finfinnee, karaa Kibbaan Aanaa Sabbataa Hawwaas, karaa Kaabaan Aanaa Sulultaafi karaa Lixaan Aanaa Wal-maraan wal-daangessitee argamti.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannon kun hanqinaale garaagaraa qaba. Kanneen keessaa sababa dhukkuba ‘Covid-19’ qorattuun kun odeeffannoo bal’inaan walitti qabachuu irratti rakkoon mudateera.Fakkeenyaaf, odeeffannoo afgaaffii taasiisuuf baratаа barbaacha ollaa keessa iyyaafachuufa.Karaa biraa qorannoon dubbisanii hubachuu kun caasaa afaanii jechuun, dhamsaga, birsaga, jecha, hima keeyyataafi barruu irratti osoo hojjetame ta’ee baay’ee bu’a qabeessa ture.Garuu hanqina yeroo, baajataafi humni namaa waan jiruuf irratti hojjechuun hin danda’amne.Gara fuulduratti qorataan biraa hojjechuu dandaa’a ta’a.

### 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodama.Boqonnaan tokkoffaan arriirrata qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa wal-duraaduubaan dhihessitee jirti. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’a barruu yaad-rimee sakkaattaa’a barruu, maalummaa dandeettii dubbisuu, barbaachisummaa dandeettii dubbisuu, dubbisanii hubachuuf, waantoota dubbisanii hubachuu gufuu ta’an, sababa dubbisanii hubachuu dadhabuun mudatan, hanqina karaa dubbisanii hubachuu barattootaa haala itti maqsuun danda’amu, gulantaalee dandeettii dubbisuu, hiika jechootaa hubachuu, meeshaalee deggersa barnootaafi sakatta’a qorannoo wal-fakkiifaatu wal-duraa duubaan itti dhiyaata. Boqonnaa sadaffaa keessatti: Mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, mala iddatteessuu, tooftaalee funaaansa ragaalee, qindoomina qorannichaafi mala odeeffannoo itti qaaccessan wal-duraa duubaan ittii dhiyaata.Boqonnaa arfaffaa keessatti xiinxala qormaata barattootaa, xiinxala bar-gaaffii barattootaa, xiinxala bar-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa, xiinxala af-gaaffii barsiisota sadarkaa lammaffaa, af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo m/barumsaa sadarkaa 1$^{ffaa}$ Abdii Noonnoofi xiinxala af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo m/barumsaa sadarkaa 1$^{ffaa}$ Gujeetu wal-duraa duubaan dhiyaata.Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa qorannichaa, argannoofi yaboo qorannichaatu tartiibaan dhiyaata.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Sakatta'a barruu yaada hayyoota addaaddaa barreeffamaan jiru sakatta'uu jechuudha.Kanaafuu boqonnaa kana keessatti waa'ee dandeettii dubbisuu ilaalchisee hayyootni barnoota Afaaniifi xinqooqaa waan jedhan sakatta'uun tartiiba isaa eegee bifa qindaa'een akka itti aanutti dhiyaatee jira.

### 2.1.1. Maalummaa Dandeettii Dubbisuu

Maalummaa dandeettii dubbisuutiif hayyoonni addaaddaa kallattii dirree qo'annoo isaaniirratti hundaa'uun hiika addaaddaa kennanii jiru.Hiika hayyoota kanneenis yoo ilaallu, Nuttal, (1982:34) akkasiin ibsiti."Dubbisuun riqicha barreessaafi dubbisaa wal-quunnamsiisu ta'eeti, karaa itti dubbisaan odeeffannoo barreeffama tokkoo argatuudha."jetti.Kana malees, yaada hayyuu kanaa jajjabeessuuf hiika dubbisuu irratti kennaman keessaa tokko Williamiis (1984:24) akkas jechuun ibsa, "Dubbisuun adeemsa ta'ee, adeemsa kana keessatti dubbisaan tokko yommuu barreeffama dubbisu ergaa isaa hubachuudhaan hiika kan itti laatudha." jedha.Rudell's (1998:25) yaada kana akkas jechuun gabbisa. "Dubbisuun adeemsa barruu tokko irraa beekumsa argataniidha." jedha.Egaan yaadi hayyoota kanaa kan nutti mul'isu hiikni dubbisuu ergaa barreeffama tokkoo hubachuun hiika itti kennuu danda'uu akka ta'e mirkaneessu.

Dubbisuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa kan ittiin yaada barreessaa, odeeffannoo yookiin ergaa barreeffama tokkoo ittiin argataniidha.Dubbisuun ergaafi yaada barreessaa tokkoo muuxannoo ofiin wal-bira qabanii hiikkachuudha.Addunyaan (2012:28) yaada kana akkasiin ibsa."Dubbisuun ergaa dhiyaate sana muuxannoo ofiitiin wal-qabsiisuun hiiku gaafata." jedha.Yaaduma kana Nuttal (1982:9) akkas jechuun cimsiti."The meaning is not merely, merying in the text waiting to be passive absorbed, on the contrary the reader is actively involved and will very often have to work to get the meaning out." Yaadi hayyootaa kunneen kan nuhubachiisu dubbisuun ergaa barreeffamichaafi muuxannoo ofii qabuun wal-madaalee dubbisaa yoo hiika itti kenne dubbisuu akka ta'u ibsuu isaati. Akkasumaas dubbisuun kan dubbisame jedhamu jechoota, gaaleewwan, himoota barruu waamuun qofa akka hintaane hubachiisuu isaati.

Galmeen jechootaa Afaan Inglizii "Oxford Dictionary of current English" jedhamu hiika dubbisanii hubachuu akkasitti hiika."Reading is understanding the meaning of written or printed words or symbole." jedha.Akka hiika galmee kanaatti dubbisuun waan barraa'e ykn maxxanfame tokkorraa ergaa isaa hubachuudha.Dubbisuun odeeffannoo jechootaa ykn hiika jechootaa

barreeffama keessaa beekuun hiika barruuf kennuuf nugargaara.Barreeffamni barraa'u tokkos qindaa'ina dhaamsagaalee, walitti dhufuun jechoota uumuu, jechooti ammoo caasaa ijaarsa himootaa eeguun ijaaramuufi himoonni ammoo tartiiba yaadaa qindeeffachuun barraa'uu isaa akka dubbisaan, dubbisee hiika itti kennuuf ni gargaara. Yaada kana Walker (1988) .Dubbisuun dhaamsagootni gara jechaatti, jechoonni gara himootaatti, himootni ammo gara hiika barruutti qindeessuu of keessatti kan hammatu ta'uu isaa tartiiba hubannoo isaa eeruun lafa kaa'a.

Dandeettiin dubbisuu bal'inaan kan ilaalamuufi kan ibsamu itti fayyadama afaaniifi dandeettii yaaduu waliin walitti dhufeenya kan qabudha.Yaadachuu danda'uu muuxannoon wal-qabsiisuu, ergaa barreeffamaa hubachuu ittifayyadamuufi haala itti fakkaateen of ibsuu gaafata.Maalummaa dubbisuu ilaalchisee hayyichi Grellet (1981:7) akkas jedhee ibse. "Reading is aconstant process of quessing and what one brings to text is often more important that what one on it." jedha.Kana jechuun dubbisni adeemsa tilmaama dhabbataa ta'ee hiika namni beekumsa duraan qabutti firoomsee baasudha .Gama biraatiinis hayyichi Conley, M. (1982:34) yaada kana akkasiin ibsa. "Reading is the process of contrasting meaning from written text. It is the complex skill regarding the coordination a member of interacted sources of information."jedha.Egaan akkuma yaada hayyuu kana irraa hubannutti dubbisni adeemsa barreeffama irraa hiika baasuu, odeeffannoo addaaddaa walitti qindeessanii hiika baafachuuf adeemsa dandeettii wal-xaxaadha.Kanaafuu dubbisni adeemsa si'ataa ta'uu isaa nuhubachiisa.

Hayyichi Wallace (2001:21) "Garaagarummaa ilaalcha hiika dubbisuu gidduu jiru irra bal'isnee haa ilaallu yoo jenne: dubbisuu akka muuxannootti, dubbisuu akka bu'aafi dubbisuu akka adeemsaatti lakkaa'uu dandeenya." jechuun ibsee jira. Yaadolee kanneen yeroo tokko tokkoon addeessummoo: Dubbisuu akka muuxannootti jechuun "Dubbisuun akka muuxannoo hawwaasaatti lakkaa'ama." jedha. Hiikni kunis, qaama jireenya hawwaasaa yeroo hundumaati jechuudha.Sababiin isaa biyyoota barumsaan guddatan keessatti muuxannoon dubbisuu daran kan gabbate waan ta'eef, akka fedhii ilma namaa wal-irraa hincinnetti herregama. Kunis kan nama hubachiisu dandeettiin ykn ga'umsaan dubbisuun jiruufi jireenyi biyyoota guddatanii adeemsa wal-irraa osoo hin citiin hojiirra oolu ta'uu isaati. Dubbisuu akka bu'atti yaada jedhu ammoo,"Dubbisuuf waanti murteessaan barreeffama. Dubbisarraas waanti eegamu fuula dubbisicha irraa (barreeffamichaarraa) sagaleewwan, jechoota, gaaleewwan, himoota, keeyyataafi barruu irraa duraaduuba isaa eeguun hiikuufi wal-qabsiisuun yaada isaa argachuudha. jedha. Dubbisni akka bu'aatti herreguun kun kan irraa maddu bu'aa kuufama yaada

barreessaa kan ta’e barreeffama qofa caalmaatti akka madda dubbisaatti fudhachuun bu’aa dubbistootni qaban dagachuudha. Kunis kan agarsiisu keessaa tokko barruun madda beekumsaa ykn odeeffannoo ta’uu isati. Dubbisuun akka adeemsaatti kan jedhuuf ammoo barreeffama caalaa ga’een dubbisaa ol’aanaa ta’uu isaati kan inni mul’isu.Sababiin isaa dubbisaan yeroo dubbisu muuxannoo ykn hubannoo duraan qabu waliin wal-simsiisaa, amanaa, tilmaamaa, sirreessaafi dhugoomsaa adeemsa raawwatuudha. Akka yaada kanaatti dubbisa dubbisuuf beekumsa ofii waliin madaalanii hubachuu ga’ee dubbisaan tokko raawwachuun dubbisuudha.(Wallace:2001)

Maalummaa dubbisuu armaan olitti ibsaman inni giddugala godhatu Rudell’s (1999:23) akka itti aanutti gabbisee lafa kaa’a.“Dubbisuu jechuun barreeffama tokkoof hiika kennuu jechuudha. Dubbisaan barreeffama tokkoof hiika kennuu kan danda’u muuxannoofi dandeettii isaa yaada barreeffamichaa keessatti ibsaman, beekumsa barreeffamichaa ilaalchisee qabuufi wantoota jireenya hawwaasummaafi waliigaltee namootaa keessatti uumamuu dandaa’an hunda walitti fiduudhaan ta’a” jedha.Yaadota armaan olitti eeraman irraa wanti hubannu, dubbisuun waantoota barreeffamanii ykn maxxanfamanii jiran tokoof hiika kennuu yoo ta’u, barachuuf bu’uura kan ta’e, jiruufi jireenya dhala namaa yeroo hundaa keessatti barbaachisaa akka ta’e nuu hubachiisa.

Walumaagalatti dubbisuun dandeettii afaanii arfan keessaa tokko ta’ee karaa namni waan barreeffame ykn maxxanfame tokkorraa odeeffannoo, ergaafi muuxannoo ofii isaa irraa argachuu danda’an ta’uu isaa nuu akeeka.Dubbisuu barachuufis ta’e barsiisuuf bu’uura kan ta’edha. Barsiisuuf yeroo jennu ammoo beekumsaafi hubannoo ofii gabbifachuuf dubbisuun dirqama waan ta’eef, dhalli namaas jiruufi jireenya isaa idilee keessatti odeeffannoo haaraa fudhachuuf, beekumsa dabalataa argachuuf, daandii jireenya isaa qajeelchuuf dubbisuun baay’ee barbaachisaa ta’uu nu hubachiisa.Garuu utuu kun kana ta’ee jiruu dubbisuuf hiiki addaaddaa sababa garaagarummaa dirree qorannoo, gosa qo’annoofi ka’umsa qorannoo isaaniif yaadi hayyoota waliigalaa tokko ta’ee hin jiru. Kun kana haata’u iyyuu malee walitti dhufeenya ni qaba.Kanaaf qorannoo kunis yaada beektonni maalummaa dubbisuuf kaa’an kanarraa ka’uun dubbisuun adeemsa waan barreeffame tooftaalee garaagaraatti fayyadamuun ergaa isaa hubachuu akka ta’e nu hubachiisa.

### 2.1.2. Dubbisanii Hubachuu

Dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii hubachuun ergaa dubbisa sanaa hubachuun hiika itti kennuudha.Kana yeroo jedhamuus dubbisaan tokko waan dubbise sanaaf hiika ykn duub-deebii

yoo itti hin kennu ta'e dubbisuu hin jedhamu.Yaada kanaas Atkinsiifi kanneen biroo (1996:76) akka jedhanitti, "Dubbisuun dandeettiiwwaniifi tarsiimoowwan addaaddaa fayyadamuun waan barreeffame tokkoof hiika kennuudha." jedhu.Itti dabalees, Atkins (1996:38), "Dubbisuun karaa barreessaafi dubbisaan ittiin walii galaniidha." jedha.Yaadota armaan olii irraa waanti hubatamu dubbisanii hubachuun dubbisa tokko dubbisuun booda yoo hiika itti kennuun dandaa'ame ta'uu isaati.Haaluma kanaan ariitiin dubbisuufi sirriitti hubachuuf dubbisuu gidduu addadummaa jiru Champeau de Lopez (1993:50/51) irratti yoo ibsu, "Ariitiin dubbisuufi barachuuf dubbisuun karaan ittiin madaalaman garaagarummaa qabu.Ariitiin baay'ina jechoota dubbifamanii yeroo itti fudhateef hiruudha.Sirriitti hubachuuf dubbisuun ammoo ariittin dubbisuufi suuta dubbisuun galma gahuu nidanda'a."jedha.Yaada kanarraa hubachuun kan dandaa'amu ariitiin dubbisuun kan safaramu jechoonni daqiiqaaf hiramuun filatamaa yommuu ta'uu, sirriitti hubachuuf dubbisuun ammoo battallee (test)fi gaaffilee addaaddaan kan madaalamu ta'ee, innis jijjiirama fooyyessuuf kan madaalamu ta'uu isaati.

Karaa biraan ammoo dubbisanii hubachuuf ga'umsa barbaada.Ga'umsi kunis si'a'inaan, beekumsa dhamsagaa, qubdhamsagaafi hiika jechootaa beekuun dirqama dubbisaan tokko qabaachuu qabuudha.Kunis, kana ta'uuf dubbisa tasaa tokko dubbisuun ergaa isaa hubachuu ni danda'a.Yaada kana Tolamaariyaam F.(2007:46) irratti waa'ee ga'umsa akkas jechuun ibsa. "Ga'umsa jechuun haala 'otomatikii' ta'een dubbisa tokko dubbisuudha.Dubbisaa/tuun nama sagaleefi qubee walitti firoomsee si'a'inaan dogoggora malee dubbisee ergaa hubachuu danda'uu." Ergaan yaadi hayyuu kun ga'umsi dubbisaan tokko sagaleefi qubee walitti firoomsee si'aay'inaan dogoggora malee dubbisee ergaa isaa hubachuu danda'u jechuun dubbisaan ergaa barreeffama tokko hin hubanne taanaan dubbise akka hin jedhamne nama hubachiisa.

Ga'umsi wantoota ulaagaa dubbisaa guuchisan qaban qaba.Dubbisaan tokko sagaleefi qubee qofa walitti firoomseef ga'umsaan dubbisa jechuun hin danda'amu.Dubbisaan ga'umsa qabu tokko ergaa dubbisichaa hubachuuf dogoggora malee dubbisuu qaba.Akkasumas ariitii madaalawaa ta'eefi ifa ta'uu qabaachuu qaba.

Tolamaariyaam F.( 2007:46) yaada kana akkasiin ibsa."Ga'umsi si'aay'ina, sirrummaafi ibsa of-keessatti qabata."jechuun ibsa.Isaan  kanas tokko tokkoon fuula 48-49 irratti akkasiin ibsee kaa'a.

***Si'aayina***

*Dubbisuun dandeetti hubannoo gargaaruuf si'aayinaa qabaachuu qaba.Si'aayina jechuun daqiiqa muraasa keessatti jechoota baayyee dubbisuu danda'uudha.Sadarkaa si'aayina barattootaa baruuf barruun sadarkaa barattootaaf gituu qophaa'uun barbaachisaadha.Sadarkaa isaanii baruufis qabxiiwwan armaan gadii irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.*

***Sirrummaa***

*Sirummaa jechuun waan dubbisan sana dogoggora malee dubbisuu danda'uudha.Kana jechuunis qubee hunda sirriitiin dubbisuudha.Qubee laafaa, laaffisanii; qubee jabaataa, jabeessanii; qubee dheeraa, dheeressanii; qubee gabaabaa, gabaasanii dogoggora tokko malee dubbisuudha.*

***Ibsa***

*Ibsa jechuun ammoo yeroo dubbisan sagalee miidhagsanii dubbisuudha.Bakka sagaleen ol ka'utti ol kaasanii, bakka gad bu'utti gad buusanii dubbisuun ibsaan dubbisuudha. Akkasumas, mallattoolee tuqaalee hordofuun cita afuuraa sirrii ta'e fayyadamanii dubbisuun ibsaan dubbisuudha.*

### 2.1.3. Barbaachisummaa Dandeettii Dubbisuu

Dandeettiin dubbisuu jireenya dhala namaaf baay'ee barbaachisa.Keessattuu biyyoota baay'ee guddataniifi guddachaa jiran keessatti hedduu barbaachisa.Hayyoonni adda addaas barbaachisummaa dandeettii dubbisuu eeranii jiru.Yaada kana ilaalchisee Atkin'sfi kanneen biroo (1996:39) yoo ibsan "Basicaly because students eventual acadamic success or failure depends to alarge degree on their ability to read and comprehend the text books and notes they receive in the different subjects they study" jedha.Akka yaada kanaatti dandeettiiwwan arfan keessaa dandeettiin dubbisuu isa baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattootni shaakala dubbisuu kitaabolee adda addaarraa akka milkaaniidha.

Akkasumas yaadni William (1984:33) barbaachisummaa dubbisuu irratti kenname kan armaan olii tumsa. Barattootni dandeettii afaanii dura karaa dubbachuuf dhaggeeffachuutiin argatan akka shaakalaniif isaan gargaara.Barreeffama tokko keessa barattootni odeeffannoo barbaadan akkamitti argachuu akka danda'an karaa qabsiisa.Atchison (1999) Ilmi namaa yeroo isaa hedduu dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudhaan akka dabarsu eera.Itti dabalees, namoonni waliin dubbii dubbatan keessatti giddu-galeessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota

kuma afurii hanga kuma shanii dubbii isaanii keessatti akka fayyadamuu dandaa'an hubachiisa. Dubbisa keessatti ammoo namni tokko giddugaleessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota kuma kudha afurii hanga kuma kudha shanii dubbisuu akka danda'u ibsa.Yaada kana irraa dandeettiin dubbisuu hangam bu'aa qabeessa akka ta'e qalbeeffachuun ni dandaa'ama. Burnsfi kanneen biroo (1999) Barbaachisummaa dandeettii dubbisuu gabbifachuuf, shaakaloota garaagaraa keessa kan darbu ta'us, yaada-rimee dubbisuu hanga tokko hubachuun barbaachisaadha.Kanaafuu dandeettii dubbisuu barsiisuun sirna barnoota afaanii keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu hubanna.Akka qaama dandeettii afaan tokkoof dndeettiin dubbisuu barnoota afaanii keessatti xiyyeeffannaa guddaa qabu jechuun yaada isaanii ibsu.

Darajjeenis, (1998:69) waa'ee barbaachisummaa dubbisuu ilaalchisee akkas jechuun deggera."Adeemsa m/barumsaa keessatti barnoota garaagaraa kennamu hojiirra oolchuus ta'ee, addunyaa m/barumsaatiin ala jiru keessatti gaheen dubbisuu baay'ee ol'aanaadha."jedha. Kanarraa waanta nuti hubannu, dubbisuun milkaa'ina barumsa keessatti bakka ol'aanaa qabaachuufi m/b'n alas addunyaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa gama barreeffamaan jiru fudhachuun dubbisuun qooda guddaa qaba.

Bu'uurri dandeettii dubbisuun kan jalqabamu ijoollummaarraa kaasee akka ta'e 'Darajjee'n yaada nama biraa irraa fudhate kitaaba isaa keessa kaa'eera.Dandeettiin dubbisuu afaan barachuu keessaa tokko waan ta'eef akkuma dandeettiiwwan biroo kunis, daree keessatti seeraan baratamuun barbaachisaadha.

Yaada kana ilaalchisee Nattal (1984:14),"Dubbisuun karaa barattootni muuxannoo addaaddaa adeemsa jireenya isaaniitiif ta'uu ittiin argatan ta'ee adeemsi dubbisuu sagalee utuu hin dhageessisiin barreeffama tokko dubbisanii ergaa isaa hubachuun hiika itti laachuu danda'uudha."jedha. Egaa beektonni hedduun akkuma ibsanitti, dubbisuun dandeettii baay'ee barbaachissaa ta'eefi barattootni daree keessatti beekumsa barumsa isaanii gabbifachuuf kan isaan gargaaru waan ta'eef dandeettii dubbisuu cimuun barbaachisummaa isaa bal'inaan eeru. Itti dabalees, wantootni baay'een jiruufi jireenya isaaniitiif ta'uu danda'u kan argatan karaa dubbisuutiin akka ta'e beektonni ni ibsu.

Walumaagalatti dandeettiin dubbisuu dandeettii baay'ee barbaachsu, jechuun ergaa barreeffamaa tokko dubbisanii hubachuu, odeeffannoo argachuuf beekumsa haaraa argachuuf akka barbaachisu hayyoonni addaaddaa ibsanii jiru.Akkasumas dandeettiin dubbisuu jiruufi jireenya

dhala namaa guyyaa waliin kan wal-irraa hincinne ta’uu eeranii jiru.Kanaaf namni kamuu xiyyeeffannoo itti kennuun dandeettii dubbisuu akka gabbifachuu qabu nu hubachiisa.

#### 2.1.4. Waantoota Dubbisanii Hubachuu Irratti Gufuu Ta’an

Dubbisa tokko dubbisanii hubachuurratti wantootni gufuu ta’an kallattiifi al-kallattiin addaaddaan ilaalamuu danda’a.Kunis dubbisanii hubachuufi hanqina hubannoofi dubbisuuf fedhii dhabuudha.Kana jechuunis, barataan tokko akka itti dubbisu, seera dubbisuu, afaan dubbisu, hiika jechoota dubbisu sanaa hinbeeku yoo ta’eefii dubbisa dubbisuuf fedhii hinqabu yoo ta’e dubbisa dubbisanii hubachuurratti gufuu ni ta’a.Haaluma kanaan dubbisanii hubachuuf gufuu kan ta’an:

1. Seera dubbisuu walaaluu.
2. Hiika jechoota dubbisa keessaa wallaaluu.
3. Dubbisuuf fedhii dhabuun, xiyyeeffannaa kennuu dhiisuu.
4. Kaayyoo ykn faayidaa dubbisuu wallaaluu.

Akka Nuttal, (1982:167) irratti ibsitutti “Rakkoolee olitti ka’aniif sababa kan ta’an dubbisuu xiqqaa ykn baay’ee dubbisuu dhabuu, hanqina beekumsaa, muuxannoo dubbisuu dhabuufi fedhii dhabuufa’i.” jechuun eerti.

#### 2.1.5. Sababa Dubbisanii Hubachuu Dadhabuun Nu Mudatan

Sababa dubbisanii hubachuu dadhabuun numudatan hedduu ta’anillee muraasni isaa beekumsa argachuu malan dhabuu, waan dubbisamu irratti hirkattuu ta’uu, yaada barreessaa ykn ergaa barreeffamaa dubbisuun argamuu qabu dhabuu, sadarkaa addunyaan geesse hubachuufi hanqachuufaafi barnoota ofiitti milkaa’ina gaarii dhabuufa’i.Yaaduma kana Baddiluun (1996:35) irratti akkasiin ibsa,“Sababni waan dubbisan hubachuu dhabuu kan uumamu:

1. Ofitti amanuu dhabuu.
2. Dubbisa keessaa odeeffannoo ga’aa fudhachuu dabuu.
3. Wanta dubbisan wallaaluu.” jechuun ibsee jira.

Itti dabaluunis dubbisanii hubachuu irratti kanneen guutuu ta’an dhaamsaga barreeffama sanaa wallaaluu hubannaa qub-dhamsagaa, ga’umsaafi hiika jechootaa hanqina hubannaa qabaachuudha.Wantoota armaan olii kan tokko tokkoo yoo addaan baasuu hin dandeenye ergaa dubbisa sanaa hubachuuf gufuu ta’a.Yaada kana Tolamaariyaam F.(2007:3) irratti “…dubbisuus ta’e dandeettiiwwan afaanii hundi sirriitti barsiifamuuf caacculee dubbisuu shananiin baratamuu

qaba.Caacculee dubbisuu kunneen hubannoo dhamsagaa, ga'umsa, fayyadama jechootaafi hubannoon jedhamu"jechuun dubbata.Egaa caacculeen dubbisuu kun dandeettii dubbisuuf murteessaa akka ta'e namatti mul'isa.

### 2.1.6. Haala Hanqina Dubbisanii Hubachuu Dadhabuu Barattoota Itti Maqsan

Dandeettiin dubbisuu yeroo murtaa'e ykn sadarkaa murtaa'e keessatti baratamee kan gonfatamu utuu hinta'in yeroo yerootti akkuma shaakalaa deemnuun; bal'inaan dubbisnuun gonfotamuu ni danda'a.Yaada kana Tasfaayeen (1986:13) akka jedhutti, "Dandeettiin dubbisuu yeroo murtaa'aafi daanga'aa ta'e keessatti baratamee kan gonfatamu utuu hinta'in yeroodhaa yerootti akkuma muuxannoo dubbisuu horachaa deemnuun gonfanna."jedha. Egaan haalli kun kan nama hubachiisu barattootni shaakala ga'aafi bal'inaan dubbisnaan muuxannoo argachaa deemaniin dandeettii dubbisuu gonfachuu akka danda'an agarsiisa.Karaa biraan barsiisaan tokko duraandursee barattoota dandeettii dubbisuu barsiisuu meeshaa /dubbisa/ barttootni dubbisa filachuun haala qabiyyee isaa/ishee wajjin deemuu danda'uun madaqsuudha.(Atkins,1996). Gochaan dubbisuun shaakala dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisuudha.Akkasumas, kun waan barreeffame bu'uura godhachuun kan dalagamu waan ta'eef barruu sirnaan qindeeffamuu barbaada.Sababiin isaa barataan afaanii gargaarsa duubaa yoo hin qabaannekallattiin gara dubbisaa seenuun isaan rakkisa. Kanaafuu barruun barataaf muuxannoo isaaniin kan wal-qabatu ta'uu akka qabu yaada beektotaa irraa hubachuun nidandaa'ama.Karaa biraan hanqina dubbisanii hubachuu barattootaa kana maqsuuf gulantaalee dandeettii dubbisuun barsiisuun yoo baratan maquu nidanda'a.

### 2.1.7. Gulantaalee Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu

Barataan kamiyyuu gochoota dubbisuuf barbaachisan sirriitti hordofee yoo raawwate, beekumsa dubbisuu gara gara dandeettiitti ceesiisuu ni danda'a.William, (1991:31) akkas jedhee ibsa. "Advantageous both interms of motivating students towards comprehension of the text to be read and constructing of reading related exercise."jedha.Kana jechuun isaa faayidaan gulantaa dubbisuu barattootni akka dubbisaniif jajjabeessuun hiika dubbisichaa akka galumsaatti akka hiikkataniif gilgaalota dubbisa waliin akka walitti firoomsaniif gargaara. Yaadi kun ammoo kan dhugoomuu danda'u dubbisni tokko yoo gulantaalee dubbisuu sadeeniin milkaa'edha.Gulantaaleen kunneenis, gulantaa dubbisa duraa, gulantaa yeroo dubbisuufi gulantaa dubbisa boodaati.

#### 2.1.7.1. Gulantaa Dubbisa Duraa

Gulantaan dubbisa duraa gochoota osoo dubbisa hinjalqabiin dura raawwatuudha.Gulantaa itti aanuufis bu'uura waan ta'eef gochaawwan kanneen akka kaayyoo dubbisa beeksisuu, barattootni muuxannoo isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidan gochuu, jechoota haaraa muraasa kanneen dubbisa keessatti hubannoof gufuu ta'u jedhamanii yaadaman barsiisuu, gaaffiilee shaakala dubbisa duraa gaafachuu fi tartiiba gochaalee yeroo dubbisaa beeksisuun dubbisaaf isaan qopheessuufaadha.

Akka barreessaan Wiener Bazerman (1997:94) ibsutti, "Gulantaan dubbisa duraa kun barattootni wantoota dubbisa tokko keessatti ibsamuu dandaa'an dursanii mata-duree tokko irratti hundaa'uudhaan waa'ee dubbisichaa gadifageenyaan xiinxaluu jechuudha.Akkasumaas, gulantaan dubbisa duraa jechoota dubbisichaa keessatti kennamuu danda'aan dursinee akka tilmaamnu nugargaara." jedha.Osoo dubbisa tokko dubbisuu hin jalqabiin mata-duree dubbisichaa gadi-fageenyaan xiinxaluun ergaa barreeffamicha sirriitti argachuufis ta'ee hubachuuf barattoota gargaara.

Egaan yaadni olitti eeraman kun gulantaa dubbisa duraa keessatti barattoota onnachiisuun dubbisaaf isaan kakaasuu ta'ee dubbisa duraa irratti hundaa'uun waan dubbisuuf deeman tilmaaman gochuufi yaadi qalbii barattootaa gara dubbisichaatti qajeelchuudhaaf akka fayyadu nu akeeka.

#### 2.1.7.2. Gulantaa Yeroo Dubbisuu

Gulantaa kana keessatti barattootni waan gulantaa 1ffaa keessatti tilmaaman kan itti mirkaneeffatan, dubbisa dubbisuuf isa oonnatan kan itti dubbisan, hiika jechootaa haaraas kan itti galumsarraa tilmaamanfaatu raawwata.

Yaada kan hayyuun, William (1984:34) akkas jechuun ibsa."Kaayyoon tooftaalee yeroo dubbisuu yaada barattootni dubbisicharratti qaban osoo hin taane kallattiidhuman erga dubbisicha keessatti ibsame hubachuudha."jedha. Beekaan kun yeroo waa'ee tooftaalee dubbisuu kanaa dabalataan yemmuu ibsu, "Dantaan tooftaa yeroo dubbisuu kan barattootni kaayyoo dubbisichaa hubachuudhaan qindoominaafi qabiyyee dubbisichaa akka ibsuu dandaa'an gargaarsa taasisa."Nuttal (1989:159) akkas jechuun yaadicha utubdi."Tooftaaleen yeroo dubbisuu kan jalqabu yaada dimshaasha dubbisichaa irraa suuta suutaan qabiyyee keeyyatichaa, himaafi hiika jechootaa hubachuu ta'a."

Yaadotni hayyootaa kun kan nama hubachiisu tooftaaleen yeroo dubbisuu keessatti raawwataman kun barattootni kallattiidhumaan gara dubbisaa akka seenan ta'uudha. Kanaaf tooftaaleen dubbisaa kun yeroo barattootni ergaa dubbisicharraa fudhachuuf ykn hubachuuf tattaafatan malee, muuxannoo qabanin qofaaratti kan hundaa'an miti. Kanaafuu tooftaalee kana keessatti yaada waliigalaa argachuuf, yaada gooree ta'an argachuuf kan itti dubbifamudha.Kaayyoolee kana argachuufis tooftaalee dubbisuu arfan gulantaa kana jalatti fayyadanuun dirqama ta'a.Tooftaaleen kunneenis saffisaan dubbisuu, sakattaaan dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuufi bal'inaan dubbisuufa'i. Isaan kanas tokko tokkoon akka armaan gadiitti kan ilaalamu ta'a.

#### 2.1.7.2.1. Saffisaan Dubbisuu (Skimming Reading)

Tooftaaleen dubbisuu kun kaayyoon isaa yaada waliigalaa dubbisichaa argachuuf kan dubbisamuudha.Yaada kana Nuttal, (1996) akkas jechuun ibsiti, "The aim of skimming activites is just to understand the general idea or gist of the passage." jetti.Itti dabaluunis Gerhard (1996:202) akkas jechuun yaada isaa ka'a."Reader skims to gain general impression of books, story and article."Grellet (1981:63) hayyuun kunis yaada hayyoota armaan olii akkasiin gabbisa.

> *Dubbisi saffisaa hojii xiyyeeffannoo barbaadu ta'ee yaada waliigala dubbisa tokko hubachuuf kan dubbisamuudha. Akkasumaas dandeettii dubbisuu cimsachuufis nama gargaara, barattootni saffisaan akka dubbisan gochuu jechuun ofitti amanamummaa dandeettii dubbisuu akka gonfatan gargaaruu jechuudha.Sababiin isaas muuxannoo saffisaan dubbisuu qabaachuu jechuun yeroo muraasa gidduutti yaadi-rimee dubbisa tokko hubachuu danda'u jechuudha.*

Walumaagalatti yaadi hayyoota armaan olii kan nu hubachiisu dubbisi ariitii yaada waliigala dubbisichaa argachuuf kan itti dubbifamu ta'uu isaati.

#### 2.1.7.2.2. Dubbisa Sakatta'aa (Scanning)

Dubbisni kun ammo kaayyoon isaa kan yaadolee gooree ta'e argachuuf kan dubbifamuudha. Kunis, kan akka maqaa, guyyaa, bara lakkoofsaafi k.k.f. argachuuf fayyada. Yaada kana Gerhard yeroo ibsu "It is quick reading to locats specific information.The specific information that wind to locate may be a member, name, day and fact." jechuun gabbisa.Brown, (2003) akka jedhutti "Yaadota murta'aa keessaa argachuuf ija keenya toora barreeffamaarraa asiifi achi adeemsisuun kan dubbisnudha malee barreeffamicha hunda dubbisuun hinbarbaachisu." jechuun lafa kaa'a.

Egaan yaadota armaan oliirraa wanti nuti hubannu ergaa dubbisicha hunda dubbisnee hubachuu osoo hintaane odeeffannoo murtaa'aa argachuu qofaaf akka dubbisnu nu qajeelcha.Kana malees sakattaa'an dubbisuun ariitii gahumsa qabuun odeeffannoo murta'aa ykn muraasa ta'an dubbisa tokko dubbisanii karratti argataniidha.Kana ilaalchisees Nattul (1982:34) yoo ibsitu, dubbisuun akkanaa kun odeeffannoo murtaa'aa fakkeenyaaf maqaa namootaa, guyyaa, bara, maqaa biyyaa ykn immoo kaayyoo barreeffameef irratti hundaa'ee yaadota dubbisa keessatti namatti tolan haala itti argachuuf dubbisamuudha.

#### 2.1.7.2.3. Gadifageenyaan Dubbisuu (Intensive Reading)

Gadi fageenyaan dubbisuun kunis tooftaalee dubbisuu keessaa tokko ta'ee kaayyoo ergaa barruu sana sirriitti hubachuuf tooftaa dubbisuu nama gargaaruudha. Akkasumas ergaa dubbisa sanaa hubatanii hubachiisuuf deebii gilgaalotaa deebisuuf ni fayyada. Yaada kana Anderson fi kanneen biroo (1985) yeroo deggeran,"Ergaa dubbisa tokkoo maal akka ta'e hubatanii, ergaa sana ammoo hubachiisuufi deebii gilgaalotaa dubbisa keessaa ba'anii deebisuuf ni gargaara." jechuun ibsa. Tooftaan dubbisuu kunis ariitiirra gadifageenyaan dubbisuu kan bu'uureffateedha. Akkasumas, Nattul (1982:23) akka ibsitetti,"Tooftaan kun daree keessatti kan raawwatamu yoo ta'u gaaffileen barattootni hojjetan jiraachuu qaba. Akkasumas jechoota addaa ykn cimaa ta'aniif dandeettiiwwan biroo kan shaakalsiisan ta'uutu irra jiraata. Gaaffiilee dubbisa keessaa ba'an wajjiin xiinxalaa dubbisuufi yaadolee dubbisa keessaa akka xiinxalaniif hubannoon akka dubbisan gaafata." jechuun eerti.Yaada kanarraa ammoo wanti hubatamu tooftaan dubbisuu kun odeeffannoo callaa ta'e hunda argachuuf hubannoo gahaafi saffisa murtaa'aa kan gaafatu, gaaffilee ykn gilgaalota hojjechuuf xiyyeeffannaan haala itti dubbatamu ta'uu isaa nama hubachiisa.

#### 2.1.7.2.4. Bal'inaan Dubbisuu (Extensive reading)

Kun tooftaalee dubbisuu arfan keessaa isa tokko ta'ee kaayyoon isaa itti buhaaruuf, yeroo dabarfachuuf tooftaa dubbisuuti, Pahuja (2002) yaada kana akkas jechuun ibsa "Bal'inaan dubbisuun yeroo baay'ee bashannanaaf jecha barruun bal'aa akkuma ta'e hubannaa, waliigalaa qayyabachuuf akka ta'utti si'aa'inaan raawwata,"jedha.

### 2.1.7.3. Gulantaa Dubbisa Boodaa (Post Reading)

Gulantaan dubbisa boodaa yeroo itti dubbisni xumuramee, gochootni dubbisicharratti xiyyeeffataman kan itti hojjetamaniidha. Barattootni muuxannoo qabaniin ergaa dubbisichaa

waliin madaaluun yeroo murtii itti kennan, gaaffiilee dubbisicha keessaa ba'anii yeroo deebii itti kennanfaadha.William (1984:39) irratti akkas jedha, "The aim of post reading lesson is to consolidate what has been read from the text and to relate the text with learner's own knowledge." jedha.Itti dabalees Rivers (1999:235) yoo ibsu"Gulantaan dubbisa boodaa barattootni yaada waliigala dubbisichaa akka gudunfan kan isaan gargaaru ta'ee, dubbisicha muuxannoo, beekumsaafi jireenya isaanii wajjin akka wal-qabsiisan isaan gargaara."Atkins (1996:47) ammoo yoo ibsu akkas jedha."Sababni barsiisaan gaaffilee dubbisa booda barattoota gaafatuuf, barattootni dubbisicha jireenya isaanii waliin akka wal-qabsiisaniifi maalummaa dubbisichaa sirriitti akka hubatan taasisuuf." jetti.

Egaan yaadi hayyoota olitti eeramanii kan inni nu hubachiisu gulantaa dubbisa boodaa irratti barattootni ergaa dubbisaafi muuxannoo jireenya isaanii waliin madaalanii murtii akka kennan kan taasisu ta'uu, gaaffiilee dubbisicha keessaa ba'an sirriitti hubannoon akka kennan taasisuu; akkasumas, barsiisaan gaaffii dubbisicha keessaa ba'an addaaddaa gaafachuun isaa akka barattootni sirritti hubatan gargaaruuf akka ta'e kan nu hubachiisuudha.

Karaa biraatiin ammoo barattootni dandeettii dubbisuu gabbifachuuf hubannoofi beekumsa dubbisa tokkoo irraa fudhatan addunyaa wajjiin wal-qabsiisuuf ifaajuun isaanii barbaachisaadha.Yaada kana ilaalchisee Nuttal (1986:166) akkas jetti,"Kaayyoon gulantaa dubbisa boodaa barattootni akka hubannoo dimshaashaa addunyaa horatanii dubbisicha irrattis hubannoo waliigalaa argachuun isaanii dubbisa biroo, madda beekumsaa biroofi muuxannoo namoota biroos ta'ee muuxannoo isaanii wajjin akka wal-qabsiisan isaan gargaara." jechuun yaada olii gabbisti.

### 2.1.8. Hiika Jechootaa Hubachuu

Dubbisa dubbisuun duratti dubbisaan tokko dubbisa keessaa hiiki jechoota haaraa isa quunnamuu danda'a.Kanaaf kuusaa jechootaatti fayyadamuun hiika barbaadu argata ykn hubata, akkasumas galumsa irraa tilmaamuun hubata.Jechi tokko garuu hiika hedduu qabaachuu waan danda'uuf, Atkins (1999:77) yaada kana akkas jechuun deggara."Aword or asentence has several meaning. So any successful reader must be able to make use of this different level of meaning as he/she reads."Akkuma yaada ishee kana irraa hubanutti jechi tokko ykn himni tokko hiika baay'ee waan qabuuf dubbisaan gahumsa qabu sadarkaalee hiika jechootaa addaaddaatti fayyadama jechuun cimisiti.Akkasumaas, hiika jechoota galumsa irraa tilmaamuun dubbisaan

tokko ergaa dubbisichaa hubachuu ni danda'a.Yaada kanas, Nuttal (2001:43) dhimma hiika jechootaa ilaalchisee jala murtee akka itti aanutti ibsiti.

> *Gussing is a key learning strategy; practically it can be a complicated process for a number of reasons: absence of sufficient clues, limited exporsure of the word across the text, level of text difficulty, and familiarity of the topic learns knowledge background and interest to mention some.*

Akka yaada hayyuu kanaatti hiika jechootaa galumsa irraa tilmaamuuf waantootni rakkisan kan akka eertuu, jechootni dubbisa keessaa ifa ta'uu dhiisuu, dubbisichi wal-xaxaa ta'uu, mata dureen haaraa ta'uu, hanqina sadarkaa beekumsa barattootaafi hanqina fedhii barattootaa qabaatullee hiika jechootaa barachuuf tooftaa akka furtuu ta'ee gargaarudha.

Hiika jechootaa beekuun alatti itti fayyadamni jechootallee dubbisanii hubachuuf baay'ee murteessaadha.Sababni isaa dubbisaan tokko hika jechaa irra darbee itti fayyadama jechaas yoo beeke ergaa dubbisichaa gadifageenyaan hubachuu waan danda'uufdha.Itti fayyadama jechootaa ilaalchisee Tolamaaram F.(2007:56) irratti akkas jechuun ibsa.

> *Fayyadamni jechootaa dubbisuuf baayyee barbaachisaadha.Kanaaf beekumsa jechootaa qabaachuu qabna.jecha beekna yoo jennu wantoota lama irratti xiyyeeffana; isaanis unkaa jechaafi hiika jechaati.Unkaa jechaa jechuun qubeewwan walitti qindaa'anii jecha uuman.Kana jechuun qubeewwan walitti makamanii birsaga uumu;birsagoonni ammoo walitti dhufanii jecha uumu.Kanaaf,unka jechuun qindoomina sagaleewwaniifi birsagootaati.Jechi tokko unka qofaa osoo hin taane hiika qabaachuu qaba.Beekumsi jechootaa barattoonni waan dubbisan akka hubachuu dandaa'an nitaasisa. Hiika jechaa barruu dubbisanii yoo hinbeekan ta'e waan dubbisan sana hubachuu hindandaa'an*.

### 2.1.9. Meeshaalee Deggersa Barnootaa

Meeshaalee deggersa barnootaatti fayyadamun barsiisuun qabiyyee barsiisuu sana qabatamaa taasisuuf karaa gaariifi filatamaadha.Keessattuu meeshaaleen deggersa barnootaa tooftaa dubbisuu barsiisuuf baay'ee gargaara. Akka Broughton, G.fi kanneen biro (1988:102) jedhanitti "The choice of an appropriate text is very important in building students reading competence." Haaluma kanaan barattoota keenya yeroo barsiisnu qubee, jechafi hima qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun akka isaanii galutti wal-simsiisuun barsiifamuu akka qaban nuu hubachiisa.

### 2.1.10. Ilaacha ykn Fedhii

Dubbisuuf fedhii qabaachuun dandeettii dubbisuu kanneen gabbisan keessaa amala isa tokkoodha.Fedhiin kunis, dubbisuu jaallachuu ykn jibbuu ta'u isaati.Akka Day R. fi Bamford (1998) jedhanitti, "Attitude towards to reading should be completely changed.One thing which students should be aware of is that reading is an active mental process." Kana jechuun dubbisni tokko fiixaan ba'iinsaafi hiika qabeessa akka ta'uuf barsiisaan barataa jajjabeessuu, akka yaada dubbisichaa deebisanii ibsan gochuu, gaaffilee baasuun akka deebisan taasisuun ilaalcha barattootaa jijjiiruun ni danda'ama.

### 2.1.11. Muuxannoofi Gahumsa Barsiisaa

Barsiisaan dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti muuxannoofi gahumsa gaarii qabu barataa isaa gama dandeettii dubbisuu irratt sirriitti bocuufi qaruu ni danda'a.Barsiisaan gahumsa qabu barattoota isaa jajjabeessee, qajeelchee barsiisuuf itti gaafatamummaa guddaatu irraa eegama.Yaada kanas, Height (1977:25) akkas jechuun deggera."The very important and immediate man and woman to carry out responsibility in charching and shaping students." jechuun yaada isaa lafa kaa'a.Egaan qaamolee dandeettii kana milkeessan keessaa barsiisaan barattoota qajeelchee karaa agarsiisaa dandeettii kana gonfachiisuuf ga'ee guddaa akka qabu nu hubachiisa.

### 2.1.12. Mata-dureefi Himoota Dubbisaa Addaan Baasuu

Barataan wayita keeyyata dubbisuutti mata-dureefi himoota keeyyata keessatti argaman addaan baasee hubachuun yaada keeyyatichaa hubachuu danda'a.Nuttal, (1982) akkas jettee ibsiti, "Recogonizing the organization of paragraph means being able to identify the topic, the main idea and supporting sentences." jechuun yaada kan tumsiti. Egaan yaadi kun mata-dureefi himoota addaan baasnee jennaan ergaa dubisichaa hubachuun akka nama hin dhibne mul'isa.

### 2.1.13. Gosoota Dubbisuu

Dubbisuun gosoota lama of keessaa qaba.Innis dubbisa callisaafi dubbisa sagaleeti.Dubbisni sagalee kan sagalee olkaasuun dubbifamu,namoota dubbisuu hin dandeenyeefi qaroo hin qabneef dubbifamu yeroo ta'u;dubbisni callisaa ammo osoo sagalee hin dhageessisin ija ofii toora barreeffamaarra oofuun of keessatti kan dubbiffamuudha Kunis,qayyabachuuf,qo'achuuf kan dubbisamuudha.Yaada kana Geetaachoon(2001:6)akkas jechuun deeggara,"Dubbisuun gosoota lama qaba.,Isaanis, Dubbisa sagalee kan jedhamu sagalee ol kaasanii akka dhaggeeffattootaatti dhagaahamutti dubbisuu yoo ta'u, dubbisa callisaa kan jedhamu immoo osoo sagalee hin

dhageessisiin dubbisa geeggeeffamuu ta'uu ibsa.Itti fufuun faay'idaa dubbisa callisaa akkas, jedha."Dubbisni callisaa barreeffama addaaddaa mataa ofiitiif dubbisanii qayyabachuuf, gaaffilee dhiyaatannif, maappota baafattoota giraafotaafi k.k.f. dubbisuudhaan yaada isaa qayyabachuuf gargaara."jedha.Yaada kana keessaa dubbisni callisaa barattootni yeroo dubbisan akka hin sodaannefi ofitti amanamummaa horataa deemuun dandeettii kana gabbifachuu akka dandaa'an nihubachiisa.

## 2.2. Sakatta'a Qorannoo Wal-fakkii

Kanaan dura qorannoon kana fakkaatu M/barumsichaa keessatti hin hojjetamne.M/barumsichaa kan baname reefuu waggaa 4$^{ffaa}$ yoo ta'u; sakatta'a qorannoo wal- fakkiis yoo ilaalle: Hagayya Bara 2010/2018 mata duree "Qaaccessa ogummaa Dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Kutaa 12$^{ffaa}$" kan Geetechoo Asaffaatiin hojjetame qorannoo kana waliin walittti hin dhufu.Maliif yoo jenne iddoon isaas tokko miti, kaayyoon isaas qaaccessa ogummaa dubbisuu haala m/barumsaa qophaa'ina Komboshaa kutaa 12$^{ffaa}$ irratti waan xiyyeeffatuuf dubbisanii hubachuu barattootaa haala duubee barattootaa bu'uureeffateen kan jedhu waliin wal-hin fakkaatu.

Bara 1996 MA guuttachuuf kan Geetaachoo Asiraatiin hojjetame mata-duree 'The Teaching Of Reading In Government High School In Addis Abeba.' Kan jedhurratti yoo ta'u; kaayyoon isaas tooftaa dubbisuu daree keessatti ittiin barsiifamu barattoota kutaa 11$^{ffaa}$ irratti xiyyeeffachuu ibsuu kan jedhurrtti ture.Qorannoon kunis kaayyoo qorannoo xiinxala dandeettii A/O dubbisanii hubachuu kutaa 9$^{ffaa}$ haala duubee barattootaa bu'uureeffateen isa jedhuu waliin kaayyoon, kutaafi bakkaan wal hin fakkaatu.

Kan biraa bara 2011 sadarkaa MA ittiin guuttachuuf karaa Saamu'eel Mogessin kan geggeeffame mata duree 'Factors That Affect Students Comprehension In Tow Government High Schools Grade 9$^{th}$ Students In Focus' jedhu irratti kan hojjete yoo ta'u, kaayyoon qorannichaas xiinxala dandeettii A/O dubbisanii hubachuu haala duubee barattootaa bu'uureeffateen kan wal qabatu waan hin taaneef qorannoo kana waliin kaayyoonis ta'e bakkaanis kan walitti hin dhufneedha.

Akkasumaas, bara 2010 Mata-duree xiinxala ogummaa Dubbisanii Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi akka afaan jalqabaatti baratan: Haala m/barumsaa Amboo Sada. 2$^{ffaa}$tiin qophaa'e kan Kuulanii Fayyeeraa hojjette qorannoo kanaan wal-hinfakkaatu .Sababiinsaa iddoonsaa tokko miti, ammas qorannichi garaagarummaa A/O

dubbisanii hubachuu barattoota akka afaan tokkoffaafi lammaffaa baratan gidduu jiru irratti kan xiyyeeffateedha malee dubbisanii hubachuu duubee barattootaan kan wal-qabate miti. Egaan qorannoon xiinxala dandeettii dubbisanii hubachuu barattoota kutaa 9ffaa m/barumsaa sadarkaa 2ffaa Burqaa Noonnoo haala duubee barattootaa bu'uureeffateen kan hojjetame hin jiru.Bakka kanattis hin hojjetanne. Kanaafuu barattootni kutaa sagalii barachuuf dubbisu malee, dubbisuuf hin baratan waan ta'eef sadarkaa 1ffaatti jechuun yeroo itti dubbisuu baratanitti duubeen isaanii kun maal ta'eeti isa jedhuuf qorannoon kun qoratee furmaata kennuuf kan deemudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

## 3.1. Mala Qorannichaa

Dhimma qorannoo kanaa ilaaluuf ammoo malli qorannoo makaa filatameera.Sababiin malli kun filatameefis odeeffannoon guurame lakkoofsaafi jechaan waan qaacceffameef.Malli qorannoo makaa mala tokko fayyadamuu irra cimina, bal'ina, gadifageenya, amanamummaafi qabatamaa ta'uu isaati.Yaada kana Addunyaan (2011:60) irratti akkasiin ibsa."Mala qorannoo ammamtaafi akkamtaa qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti dhimma ba'uurra hubannaa cimaa barbaada.Bu'aan adeemsa kanaan argamu isa odeeffannoo akaakuu tokkorraa argamu caalaa guddaadha." jechuun ibsa.Akkasumas (fuula 17) irratti "Qorannoo akkamtaafi qorannoo ammamtaa wal-faana qorannoo tokko keessatti gargaaramuun hundarra gumaacha guddaa waan qabuufi milkaa'ina, amanamummaa, qabatamummaafi cimina qorannootiif utubaadha." jechuun yaadicha cimsa.

Haaluma kanaan qorattuun kun mala qorannoo makaa keessaa malli qorannoo ammamtaa (quantitative research) kan fayyadamteef barattootni kutaa 9[ffaa] dubbisa A/Oromoo hagam dubbisanii akka hubatan xiinxalli qoramaata isaanii lakkoofsaan qaaccessitee jirti.Qorannoon hiikoon isaa lakkoofsaan ibsamu mala kana fayyadamuun isaa dirqama.Yaada kana (Dastaa D.) kitaaba isaa (2013:33-34) irratti akkasiin ibsa. "Akka beektonni ibsanitti qorannoon lakkoofsa (ammamtaa) adeemsa gama bal'aatii gara dhiphaatti deema. Mala kana fayyadamuun isaa ammoo yaadaddama ykn dayyeessa qormaatatiif (theory of testing) mijataa ta'ee argama." jechuun ibsee jira.Haaluma kanaan qorattuun kun gaaffii barattootni hagam dubbisa A/O dubbisanii hubachuu danda'u kan jedhu lakkoofsaan qaaccessitee jirti.Akkasumas odeeffannoon guurame lakkoofsa qofa osoo hintaane gaaffii Akkamittif? Maaliifi? dubbisanii hubachuu kanarratti hanqinni mul'ate isa jedhu deebisuuf mala qorannoo akkamtaa fayyadamtee jirti. Dastaan Marietijefi Marieta (2001) wabeeffachuun waa'ee gosa qorannoo kanaa yoo ibsu,"Qorannoo qulqulleeffataa geggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, af-gaaffii, dookmentii sakatta'uufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual material) fayyadamuudha. Akka jara kanaatti meeshaaleen (tools) kunneen arfan odeeffannoo qulqullinaa geggeessuuf murteessoodha. "Dastaa,(2013:33) Haaluma kanaan qorattuun kun qorannoo kana keessatti gaaffii Maaliif? Akkamti? jedhu deebisuuf af-gaaffiifi bar-gaaffitti fayyadamuun xiinxala qorannoo ishee jechaan kan qaaccessitee itti dhiyaatudha.

### 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti barattootni kutaa $9^{ffaa}$ M/b sadarkaa $2^{ffaa}$ Burqaa Naannoo dubbisa A/Oromoo hagam dubbisanii akka hubatan addaan baasuun hanqinaalee jiru, madda hanqinichaafi haala itti maqsuun danda'amu ibsuu irratti xiyyeeffata.

### 3.3. Madda Ragaalee

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaafi madda $2^{ffaa}$ ti.Akka madda $1^{ffaa'}$tti qormaataafi bar-gaaffiifi af-gaaffii barattoota kutaa $9^{ffaa'}$ti iddatteeffamaniif kenname, bar-gaaffiifi af-gaaffii barsiisota A/O m/barumsaa sad.$2^{ffaa}$tti daree iddatteeffaman sana galanii barsiisan lamaan taasifame, akkasumas, af-gaaffii barsiisota m/b sad. $1^{ffaa}$ A/Noonnoofi m/b sad.$1^{ffaa}$ Gujeetiif godhame yoo ta'u; akka madda $2^{ffaa}$tti ammoo abuuraa kitaaba barnoota A/Ofi kitaabilee A/O barruu gaggabaaboo qabanii mana kitaabaa mana barumsaa sad.$2^{ffaa}$, mana barumsaa sad.$1^{ffaa}$ Abdii Noonnoofi m/barumsaa Gujee keessatti qorattuun kun taasisteedha.

### 3.4. Mala Iddatteessuu

Akka hayyuun Flick (2002) jedhamu hiiketti, iddattoon irraawwatamtoota qorannoon irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha.Itti dabalees, Dastaan (2013:132) iddattoo yoo ibsu, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota odeeffannoodhaaf filanne jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnu." jedha.Kanaaf qorattuun qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddatteessuu carraa tasaafi miti carraa keessaa mala akkaayyootti fayyadamteetti.

#### 3.4.1. Filannoo Daree

Dareen barnootaa akka inni itti filatame mala iddatteessuu carraa tasaatiin kan taasifameedha. Akka Addunyaan (2011:66) irratti ibsetti, "Akaakuun iddatteessuu carraa tasaa kun qaama ykn namoota odeeffannoon irraa funaanamu keessaa amma barbaannuu tasuma ykn carraadhaan fudhachuudhaaf gargaara.Akkaataa kanaan, deebistootni qorannichaa kanneen dhimmicha ilaallatu akka bakka bu'anitti filatamu." Haaluma kanaan qorattuun kun baay'inni dareewwan barnootaa kutaa $9^{ffaa}$ daree 9 (sagal) (A-I) jiran keessaa mala carraa tasaan daree 'D', 'F' fi 'G' iddattoof filattee jirti.Hunda isaanii fudhachuuf ammoo yeroofi baajeta ga'aan hin jiru.

#### 3.4.2. Filannoo Barsiisotaa

Filannoo barsiisotaa mala iddattoo miti-carraa keessaa mala akkaayyotiin kan geggeeffame. Mala kana ilaalchisee Addunyaan (2011:67) irratti:

*Iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling): Akaakuun iddatteessuu mit-carraa kan qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhamees akka kaayyoo qorannichaatti ykn qoratichaatti odeeffataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi.* jedha.

Haaluma kanaan qorattuun kun mala kana fayyadamuun filannoo barsiisota A/O m/barumsaa sad.2[ffaa] dhiira lamaafi dubara tokko waliigalatti sadii keessaa barsiisota dhiira lamaan daree iddattoof filatamaan sana galanii waan barsiisaniif dhiyeenyatti waa'ee barattoota sanaa ni beeku jettee waan itti amanteef iddattoof filattee jirti.

Filannoon barsiisota A/O m/barumsaa sad.1[ffaa]A/Noonnoo ammoo barsiisota A/O dubartoota afurtu jiru.Isaan keessaa barsiisota dubartootaa lama kan barattoota yeroo ammaa kutaa 9[ffaa] jiran barsiisaa turan haala isaan keessa darban ni beeku jedhamee waan yaadameef qorattuun kun filattee jirti. Filannoon barsiisota A/Oromoo m/barumsaa Gujee ammoo barsiisota dubaraa lamaafi dhiira tokko yoo ta'an, qorattuun kun barsiisota waggaa dheeraa m/barumsaa kana keessa barsiisan haala barattootni itti barachaa turan dhiyeenyaa ni beeku jettee waan itti amanteef barsiisaa dhiiraa tokkoofi dubaraa tokko mala iddattoo akkaayyoon barsiisota kana filattee jirti."Baay'inni namoota odeeffannoon irraa funaanamu akkuma jiranitti kan fudhatame ta'ee dhimma qorannoo sana itti dhiyeenyaan kan beekan yoo ta'e mala iddatteessuu kanatti caalmaatti barbaachisa jechuudha."(Addunyaa, 2011 Yaalewu, 1998).jedhu.Yaada oliirraa akkuma hubatamu mala iddattoo akkaayyootti fayyadamuun qorattuu kanaa qorannichaaf odeeffannoon funaanamu qabatamaafi amanamaa taasisuuf shoora olaanaa akka qabu mul'isa,

### 3.4.3. Filannoo Barattootaa

Filannoo barattootaa ilaalchisee qorattuun kun mala iddattoo akkaayyoo fayyadamtee jirti. Sababiin isaa baay'inni barattootaa iddattoof fudhataman galma ga'iinsa qorannoo kanaaf murteessaa waan ta'eef.Barattootni kunis kan dhufan baay'inaan m/b sad.1[ffaa] A/Noonnoofi M/b Sad.1[ffaa] Gujee irraati.Kan biraa ammoo M/b Sad.1[ffaa] Currisaa, M/b kutaalee biyyaa garaagaraafi M/b dhuunfaa irraa dhufanii jiru. Baay'inni barattoota daree iddattoof filatamanii 'D','F'fi 'G'n duraa duuba daree isaaniin 64 (jaatamii-afur), 65 (jaatamii-shan) fi 62 (jaatamii-lama) waliigalli isaanii barattoota dhiira 91 (sagaltamii-tokko) dubara 100 (dhibba-tokko) ta'u.Barattoota kanneen keessaa barattootni M/b sad.1[ffaa] A/Noonnoo irraa dhufan dhiira 29 (digdamii-sagal), dubara 49 (afurtamii-sagal) waliigala 78 (torbaatamii-sadeeti).Barattootni M/barumsaa sad.1[ffaa]

Gujee irraa kan dhufan dhiirri 25 (digdamii-shan) dubarri 30 (soddoma) waliigalatti 55 (shantamii-shan), barattootni m/barumsaa biroo irraa dhufan ammoo dhiira 37 (soddomii-torba) dubarri 21 (digdamii-tokko) waliigala 58 (shantamii-saddeet) ta'u. Haaluma kanaan qorattuun kun mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala akkayyootti fayyadamuun barattoota baayyee akkaataa m/barumsaa isaan irraa dhufaniin irraa fudhachuun duubee isaanii qorattee jirti.Yaada kana Addunyaan (2011:67) akkasiin ibsa:

> *Iddatteessuu akkaayyoo (purposive sampling) akaakuun iddatteessuu miti-carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata jedha. Akkaayyoo kan jedhamees 'akka kaayyoo' qorannichaatti ykn qoratichaatti odeeffataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eef jedha.*

Haaluma kanaan qorattuun kun barattoota akkaataa mana barumsaa isaan irraa dhufaniin barattoota 40, 40 (afurtama, afurtama) iddattoof filatte.Kunis, barattootni m/b yeroo hundaa m/barumsaatti waan hin argamneef akkaataa m/barumsaa isaan irraa dhufaniin harka sadii keessaa harka lama (2/3) fudhattee jirti. Kunis M/B/A/Noonnoo kan dhufan dhiira 20 (digdama), dubara 20 (digdama) walitti 40 fudhateetti.Barattootni M/b Gujee irraa dhufan dhiira 20 dubara 20 walitti 40fi Barttoota M/barumsaa biro irraa dhufan ammoo dhiira 23 dubara 17 walitti 40 iddattoof filattee jirti.  Barattootni kunis waliigalli isaanii dhiira 60 (jaatama), dubara 60 (jaatama) walitti barattoota 120 (dhibbaafi digdama) iddattoof filatte.Haaluma kanaan qorattittiin barattoota akkaataa gosa gaaffii ittiin qoramaniin waan madaalamaniif barattoota m/b irraa dhufan lakkoofsa wal-qixa fudhatteetti.Sababiin, barattootni kutaa 9$^{ffaa}$ dubbisa A/O barattoota hagam dubbisanii hubatu isa jedhu xiinxaltee duubee  isaanii qorattee hiika itti kenniteetti.

### 3.5. Tooftaalee Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo tokko galmaan ga'uu keessatti ragaa funaanuun hedduu murteessaafi barbaachisaadha.Sababiinsaa dhugummaa qorannoo tokkoo kan ittiin mirkanaa'u tooftaalee funaansa ragaalee irratti hundaa'a.Akka Cohen (2007) ibsetti, meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bar-gaaffii, af-gaaffii, qormaata, daawwannaa dareefi sakatta'a barruu ta'uu ibsa.Akkasumas Dastaa D. (2013:110) irratti "Malleen odeeffannoo ittiin funaanani af-gaaffii, bar-gaaffii, daawwannaa, sakatta'a dokimentii, qormaataafi marii garee." jechuun tumsa. Haata'u malee malleen kun hunduu ammo guutummaan guutuutti odeeffannoo sirriitti fudhatamaa argamsiisuu akka hindandeenye beektonni ni eeru.Yaada kanas, Kumar (2005:119)

akkas jechuun ibsa.“Meeshaan funaansa ragaa kamiyyuu dhibbaa dhibbatti sirriifi bu’a qabeessa jechuun hin danda’amu.”jedha.Yaadni kunis, tooftaaleen odeeffannoo funaanuuf gargaaru hundi odeeffannoo guutuu funaanuurratti ga’aa akka hintaane ibsa.Haaluma kanaan qorattittiin qorannoo kana galmaan ga’u kan jette meeshaalee odeeffannoo addaaddaa kan akka qormaataa, bar-gaaffiifi, af-gaaffiifa filattee itti dhimma baatee jirti.

### 3.5.1. Qormaata

Qormaatni dandeettii tokko madaaluuf meeshaaleen odeeffannoon ittin funaanamu keessaa isa tokkoodha.Adeemsa ykn hojii baruu barsiisuu keessatti qormaanni karaa dandeettii beekumsaafi ga’umsa qabaachuufi dhiisuu barattootaa ittiin safaramu keessaa isa duraati.Odeeffannoon qormaatarraa argamuus akkuma qormaata gosa garaagaraa ta’uu mala.Dubbisa dubbisanii hubachuun kaayyoolee dandeettii afaanii keessaa kan dandeettii dubbisuu yoo ta’u kunis yaada barreessaa ykn ergaa dubbisichaa hubachuun akka ta’e, hayyootni ni mirkaneessu.Yaada kana Dastaan kitaaba isaa Bu’uura Qorqnnoo bara (2013:122) Yaada Yaalew (2006:194) bu’uureffachuun inni barreesse akkasiin ibsa.“*ፈተና ማለት የተወሠኑ ጥያቄዎች ተዘጋጅተዉ ወጥነት ባለዉ መንገድ የተፈታኞች አእምሮአዊ ወይም ስነ-ባሕረያዊ ሁኔታ አስመልከቶ መረጃ ለመሠብሠብ የሚረዳ መለኪያ ነዉ፡፡*” jedha.Kanaafuu bu’aan madaallii dandeettii dubbisanii hubachuu ammoo beektonni dandeettii murtaawaa barattootaa akka beekaniif gargaara.Walumaagalatti qormaanni meeshaa safartuu dandeettii, beekumsa, ga’umsa barataa tokkoo maal akka fakkaatuufi sadarkaa maaliirra akka jiru ni agarsiisa. Itti dabalees beekumsa kamiiniyyuu gonfachuuf, barnoota kamiiniyyuu barachuuf nama gahoomsa.Addunyaa guddate waliin dorgomuuf dandeettiin dubbisanii hubachuu hedduu murteessaa ta’uu hayyoonni ni eeru. Kanaaf kaayyoo qorannoo kanaa galmaan akka ga’uuf qorattuun kun qormaata dubbisanii hubachuuf ta’u barattoota madaaluu danda’u, dubbisa gosa lama kan gaaffii bifa addaaddaa of keessaa qabu barattoota daree sadanuu keessaa iddattoof ba’anii akkaataa mana barumsaa isaan irraa dhufaniin yeroodhuma tokkicha kennuufiin bu’aa qormaatichaa akkaataa gosa gaaffiin xiinxaltee jirti.

### 3.5.2. Bar-gaaffii

Meeshaan bar-gaaffii adeemsa qorannoo kanaa barsiisotaafi barattoota iddattoof filataman irraa barreeffamaan kan itti ragaan guurameedha.Bar-gaaffiin ragessitootaaf qophaa’us gaaffii cufaa ta’a.Sababiin isaa qorattoota baay’eedhaan waan inni filatamuuf, yeroo, humnaafi baasii qusata. Kunis, yeroo murtaa’ee tokkotti odeef-kennitoota hedduurraa odeeffannoo fudhachuuf gargaara

waan ta'eef, kan biraa ammoo eenyummaa odeef-kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha.Yaada kana Dastaan (2013:123-125) akkas jechuun deeggara,

> *Bar-gaaffiin malleen odeeffannoo ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee kan qorattoota baay'eedhaan filatamuudha.Sababiin isaas yeroo, humnaafi baasii qusata, eenyummaa odeef-kennitootaa waan hinibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha.Odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii wal-fakkaatu dhiyeessa.Bakka bu'uudhaan dalagamuu danda'a.Qorataadhaafi odeef-kennaa gidduu waliin dubbiin murteessaa miti; of-eeggannoodhaan qophaa'a*.
> jechuun yaada isaa ka'a.

Haaluma kanaan qorattuun kun bar-gaaffii barattoota qormaata fudhatanif akkaataa mana barumsaa isaan irraa dhufaniin barattoota 40, 40 (afurtama, afurtamaaf) bar-gaaffii 6 (ja'a) kennite qaaccessiteetti. Akkasumas, barsiisotaa Afaan Oromoo daree barattoota iddattoo sana galan lamaaniifuu bar-gaaffii 4 (afur) qopheessitee kan dhiyeessiteef qaaccessitee jirti.

### 3.5.3. Af-gaaffii

Af-gaaffiin waliin dubbii namoota lama ykn isaa oliin mata-duree tokko irratti waliin dubbatamuudha.Yaada kanas Kumer (2005:123) yoo ibsu "Waliin haasaan namoota lama ykn sanaa ol gidduutti kaayyoo murtaa'aa sammuutti qabachuun taasifamu af-gaaffii jedhama" jechuun ibsa.Dastaan (2013:111) "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennan (informant) fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani." jechuun ibsa.Af-gaaffiin rageessitootaaf qophaa'us gaaffii banaa ta'uun isaa odeef-kennitootni kallattii barbaadaniin odeeffannoo kennuu ykn ibsuu akka danda'aniifidha. Sarantakos,(2005:285) yaada kana yoo ibsu"Sagantaa af-gaaffiin hin caasseffamne kan gaaffiilee banaa of keessaa qabu akkaataa ijaarsaafi duraaduuba isaanii yeroo barbaadanitti jijjiiruu danda'u fayyadamuun gaariidha." jedha. Dastaanis (2013:1) yaaduma kana cimsuun yoo ibsu, "Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf, odeef-kennaan gaafachuu danda'uu isaati." jedha.Yaadni kunis kan nu hubachiisu odeeffannoon kennamu kallattiifi al-kallattiin gabbisamee kennamuu akka danda'uudha. Haaluma kanaan qorattuun kun duubeen ykn dhufteen barattoota kanaa gama dandeettii dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu maal akka ture adda baasuuf af-gaaffii 4 (afur) of keessaa qabu barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sad.1[ffaa] Abdii Naannoofi Mana Barumsaa Sad.1[ffaa] Gujee dhiyeessuun deebii isaanii akkaataa mana barumsaa isaaniin xiinxaltee

jirti.Akkasumas haalli barattoota mana barumsaa sad. 2ffaa fi qophaa'inaa yeroo ammaa gama dandeettii dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu ilaalchisee jiru hubachuuf barsiisota Afaan Oromoo lamaan daree iddatteeffamanii galanii barsiisaniif af-gaaffii shan dhiyeessuufiin deebii isaanii qaaccessitee jirti.

### 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorattuun kun yemmuu qorannoo kana xiinxaltu mala qorannoo makaatti fayyadamuun ibsitee jirti.Sababiin isaas qorannichi barattootni hagam dubbisanii A/O dubbisee hubachuu akka danda'an xiinxaluun duubee isaanii qoratee hiika kennuu irratti xiyyeeffata.Kanaaf, deebii hagam? isa jedhu deebisuuf lakkoofsaan yoo qaacceffamu; deebii maaliif?akkamitti? jedhu ammoo jechaan qaacceeffame. Haaluma kanaan qorattuun kun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf mala makaa fayyadamuun odeeffannoo qormaata, bar-gaaffiifi af-gaaffiin walitti qabaman hunda lakkoofsaafi jechaan xiinxaltee jirti.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Ibsa Gabaabaa Odeef-Kennitootaa

4.1.1. A. Ibsa Baratoota Qormaataafi Bar-gaaffii dhiyaatanii

Gabatee 1. Baay'ina Barattoota Qormaatafi Bar-gaaffiif Dhiyaataniifi Mana Barumsaa Irraa Dhufan

| **Koorniyaa** | **Mana barumsaa barattootni irraa dhufan** | | | **Ida'ama** | |
|---|---|---|---|---|---|
| | **Abdii Noonnoo** | **Gujee** | **Mana barumsaa biroo** | **Lakk** | **%** |
| Dhiira | 20 | 20 | 23 | 63 | 53% |
| Dhalaa | 20 | 20 | 17 | 57 | 47% |
| Ida'ama | 40 | 40 | 40 | 120 | 100% |

4.1.1. B. Ibasa Barattoota Af-gaaffiif dhiyaatanii

Gabatee 2.Baay'ina Barattoota Af-gaaffiin Taasifameefi Mana Barumsaa Irraa Dhufanii

| **Koorniyaa** | **Mana barumsaa irraa dhufan** | | | |
|---|---|---|---|---|
| | **Abdii Noonnoo** | **Gujee** | **Mana barumsaa biro** | **Ida'ama** |
| Dhiira | 1 | - | 1 | 2 |
| Dhalaa | 2 | 2 | 1 | 5 |
| Ida'ama | 3 | 2 | 2 | 7 |

### 4.1.2. Ibsa barsiisotaa

Gabatee 3. Daataa Barsiisota Odeeffannoo Kennaaniifi Sadarkaa Barnootaafi Tajaajila Isaanii

| **Koorniyaa** | **Sadarkaa barumsaa** | | | | **Bara Tajaajilaa** | | | **Ida'ama** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | **Dip** | **Dig** | **MA** | **Ida'ama** | **1-10** | **11-20** | **20 ol** | |
| Dhiira | - | 3 | - | 3 | 1 | 2 | - | 3 |
| Dhalaa | 2 | 1 | - | 3 | - | 1 | 2 | 3 |
| Ida'ama | 2 | 4 | - | 6 | 1 | 3 | 2 | 6 |

Gabateen ibaa barsiisota kun kan mul'isu barsiisonni odeeffannoon irraa guurame baay'inni isaanii 6 yoo ta'an dhiira sadiifi dubara sadiidha.Sadarkaan barnoota isaaniis barsiisaan sadiifi dubara tokko digirii yeroo ta'an barsiisonni dubaraa lama ammoo dippiloomaadha.Bara tajajila isaanis yeroo ilaallu abrsiisaan dhiiraa tokko waggaa '1-10' jidduu, barsiisaan dhiiraa lamaafi dubarri tokko waggaa '11-20' jidduu kan jiruufi barsiisonni dubaraa lama waggaa 20 ol akka barsiisan kan ibsuudha.

### 4.2. Kutaa Xiinxala Ragaalee

#### 4.2.1. Xiinxala Ragaalee Barattoota Irraa Argaman

##### 4.2.1.1. Xiinxala Qormaataa

**Gabatee 4. Qabxii Barattootni Qormaataan Argatan Kan Agarsiisu**

| **Gosa gaaffii** | **Baay'ina gaaffii** | **Qabxii Barattootaa** | **Mana barumsaa irraa dhufan** | | | | | | **Ida'ama** | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | **A/N** | **%** | **Gujee** | **%** | **M/b/ biroo** | **%** | **Lakk** | **%** |
| Dhugaa ykn sobaa | 8x2=16 | 2-8 | 23 | 57.5 | 24 | 60 | 22 | 55 | 69 | 57.5 |
| | | 10-16 | 17 | 42.5 | 16 | 40 | 18 | 45 | 51 | 42.5 |
| Hiika galumsaan walitti firoomsii | 10x2=20 | 4-10 | 21 | 52.5 | 23 | 57.5 | 22 | 55 | 66 | 55 |
| | | 12-18 | 19 | 47.5 | 17 | 40 | 18 | 45 | 54 | 45 |
| Qubee | 32x2=64 | 10-32 | 22 | 55 | 24 | 60 | 27 | 67.5 | 73 | 60.8 |

| | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| deebii sirrii qabu filadhu | | 38-64 | 18 | 45 | 16 | 40 | 13 | 32.5 | 47 | 39.2 |

**A/N=Abdii Noonnoo**

**M/b/biro=Mana barumsaa biroo**

**I. Qaaccessa Gaaffii Dhugaafi Sobaa**

Gabateen armaan olii akkuma mul'isu barattootni akkaataadhuma mana barumsaa irraa dhufaniin iddatteeffaman barattootni hundaa qormaata fudhatan keessaa barattootni m/b A/Noonnoo 40, m/barumsaa Gujee 40, kan m/b/biro irraa dhufan 40 waliigalli isaanii 120 yoo ta'an; isaanis harcaatii tokko malee fudhatanii jiru.Sababni isaas way'itii dhumaa irratti deggarsa barsiisotaan waan taasifameefidha. Haaluma kanaan gosa gaaffii dhugaa ykn soba jechuun akka deebisan gaafataman qabxii 16% keessaa qabxii 2-8 kan argatan barttoota m/b A/N keessaa barattootni 23 (57.5%), barattoota m/b Gujee keessaa barattoota 24 (60%) akkasumas kan m/barumsaa biroo irraa barattoota 22 (55%) fidanii jiru.Qabxii 10-16 ammoo wal-duraa duuba m/barumsaan, barattoota 17 (42.5%), 16 (40%), 18 (45%) argachuu isaanii mu'isa. Idaa'amni qabxii barattoota kanaa akka mul'isuutti barattootni 69 (57.5%) qabxii dhibbentaa walakkaa gadi yoo argatan, barattootni 51 (42.5%) ammoo qabxii dhibbentaa walakkaa ol fidanii jiru. Haalli kunis, kan agarsiisu bu'uurumaan hanqina dandeettii dubbisanii hubachuu barattootni akka qabaniidha.

**II. Qaaccessa qabxii hiika galumsaan walitti firoomsuu**

Akkuma gabateen olii agarsiisutti hiika jechootaa galumsa irraa tilmaamanii akka walitti firoomsaniif dubbisa keessaa baay'ina gaaffii 10 kennameefii jira.Kunis, qabxii 20% irraa qabamu barattootni qormaaticha fudhatan akkaataa m/barumsaa isaan irraa dhufaniin 40,40'tu fudhate.Waliigalatti barattoota 120 dha. Barattoota kanneen keessaa qabxii 4-10nii kan argatan kan m/barumsaa A/N 21 (52.5), m/barumsaa Gujee 23(57.5%) yoo argatan kan m/b/biroo irraa dhufan 22 (55%)'ntu argatanii jiru. Akkasumaas qabxii (12-20) kan argatan barattoota m/barumsaa A/N keessaa 19 (47.5%), kan m/b Gujee barattoota 17 (42.5%), kan m/barumsaa biroo irraa barattoota 18 (45%)'tu argatee jira. Cuunfaan qabxichaa akka ibsutti qabxii 4-10 kan argatan barattoota 66 (55%) yoo ta'an qabxii 12-18 ammoo barattoota 54 (45%)'tu argatee jira. Kunis kan namatti agarsiisu barattootni hedduun isaanii hiika jechootaa beekuus ta'e galumsa irraa tilmaamuu dadhabuun isaanii hanqina dandeettii dubbisuu qabaachuu isaanii agarsiisa.

**III. Qaaccessa qabxii gaaffii filannoo**

Akkuma gabateen 4ffaa agarsiisutti qormaata dubbisa keessaa ba'ee gosa gaaffii filannootiin kennameedha.Baay'inni gaaffichaas 32 yoo ta'u, innis 2'n baay'isuun 64% keessaa qabameefii jira.Qormaata kanas barattootni 120'nu kan fudhatan yoo ta'u, akkaataa m/barumsaa isaaniin qabxiin isaanii qaaccefamee jira. Haaluma kanaan barattootni qabxii 10-32 argatan kan m/barumsaa A/Noonnoo irraa dhufan barattoota 22 (55%), kan m/barumsaa Gujee 24 (60%) kan m/barumsaa biroo irraa dhufan 27 (67.5%)'ntu argatee jira. Akkasumas qabxii 38-64 kan argatan barattoota m/barumsaa A/Noonnoo 18 (45%), kan m/barumsaa Gujee 16 (40%) fi kan m/barumsaa biroo irraa dhufan 13 (32.5%) ta'antu argatee jira. Idaa'amni qabxii akka agarsiisutti dhibbentaa walakkaa gadi kan fidan barattoota 73 (60.8%) yoo ta'an dhibbentaa walakkaa ol kan fidan ammoo barattoota 47 (39.2%) ta'uu mul'isa. Haalli kun ammoo kan nama hubachiisu barattootni harka caalu qabxii walakkaa ol galmeessiisuu dadhabuun isaanii ga'umsa dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii muraasa ta'uu isaati.

Walumaagalatti gosa gaaffii hundumaa irratti bu'aan qabxii qormaata barattootaa wal-fakkaachuun isaa barattootni heedduun rakkoo dubbisanii hubachuu qabaachuu mul'isa.Itti dabaluun rakkoon dubbisanii hubachuu kun manneen barnootaa addaaddaa keessa jiraachuuf maddi rakkoo qaama olii kaasee hamma gadiitti kan wal-qabatee jiru ta'uu agarsiisa. Kana jechuun rakkoon gama barsiisaafi barataan jiru dnadeettii dubbisuu barattootaa kana akka gufachiise nama hubachiisa.

#### 4.2.1.2. Xiinxaala Ragaa Bar-gaaffii

**Gabatee 5. Qaaccessa deebii bar-gaaffii barattootaa**

Qaaccessi bar-gaaffii kun barattoota qormata fudhatan hunda yeroodhumasana waan kennameefiif; akkaataadhuma m/barumsaatiin barattoota 40, 40 'tu fudhate.Kanaaf, qorattuun kunis deebii bar-gaaffii barattootaa kana bakka tokkotti akka itti aanutti qaaccessitee jirti.

| T.Lakk | Bar-gaaffii dhiyaate | Filannoo deebii | Baay'ina barattoota deebisanii | % |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Hiika jechoota A/Oromoo hubachuu irratti rakkoo qabdaa? | Eeyyee | 70 | 58% |
| | | Lakkii | 50 | 42% |
| 2. | Ga'umsi dubbisa A/Oromoo dubbisanii | Gadaanaa | 62 | 52% |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | hubachuu keetii hagam? | G/galeessa | 28 | 23% |
| | | Ol'aanaa | 30 | 25% |
| 3. | Dubbisa A/Oromoo dubbisuuf fedhii qabdaa? | Eeyyee | 43 | 35.8% |
| | | Lakkii | 77 | 64.2% |
| 4. | Jaqaba Afaan kamiin afaan hiikkatte? | A/O | 83 | 69.2% |
| | | A/biro | 37 | 30.8% |
| 5. | Way'itii dubbisa dubbistanitti gulantaa-lee dubbisuu 3'nitti ni fayyadamtuu? | Eeyyee | - | - |
| | | Lakkii | 120 | 100% |

**I. Qaaccessa gaaffii 1ffaa**

Akkuma gabateen 5ffaa agarsiisuutti bar-gaaffii 1ffaa irratti barattootni 70 (58%) eeyyee jedhanii yeroo deebisan, barattootni 50 (42%) ta'an ammoo lakkii jechuun deebisanii jiru. Kunis kan mul'isu barattootni harka caalu hiika jechoota A/O hubachuurratti rakkoo akka qabaniidha.Hiika jechoota heddhuu wallaaluun ammoo dubbisa dubbisan ergaa isaa akka hin hubanne waan taasisuuf fedhii dubbisuu hir'isuufi ergaa dubbisa sana hubachuu irratti danqaa ta'uu agarsiisa. Ija ogummaanis gaafa ilaalamu xiyyeeffannaa kennuu dhabuufi shaakala ga'aa gochuu dhabuu irraa akka ta'us ni mul'sa.

**II. Qaaccessa gaaffii 2ffaa**

Gabatee 5ffaa irratti barattootni 62 (52%) ta'an gadaanaa, barattootni 28 (23%) giddu-galeessa yoo jedhan, barattootni 30 (25%) ammoo ol'aanaa jechuun deebisan.

Gaaffiin 2ffaa kunis kan dhiyaateef bu'aan qabxii qormaata barattootaafi dandeettii dubbisanii hubachuu irratti ga'umsa isaanii hagam beeku isa jedhu waliin madaaluuf kan dhiyaateedha. Haaluma kanaan barattootni 62 (52%) gadaanaa, barattootni 28 (23%) giddu-galeessa akkasumas barattootni 30 (25%) ol'aanaa jechuun deebisanii jiru. Kunis kan nama hubachiisu bu'aan qormaata isaaniifi sadarkaan ga'umsa dandeettii dubbisuu isaanii wal-simuun akka isaan hanqina dandeettii A/O dubbisanii hubchuu qaban gabbisuu isaati. Akkasumas barattootni kun hanga

dubbisanii hubatanillee of beekuun isaanis gama dandeettii kanaan bu'uura gaarii akka hin qabne mul'isa.

### III. Qaaccessa gaaffii 3[ffaa]

Akkuma gabatee kanarraa hubatamutti barattootni 43 (35.8%) eeyyee yoo jedhan barattootni 77 (64.2%) ammoo lakkii jechuun deebisanii jiru.Kunis kan mul'isu dandeettiin dubbisuu kan itti gonfatamuufi dagaagu yoo fedhiin jiraatedha. Kanaafuu fedhii qabaachuu dhabuun isaanii tumsa barsiisaanis ta'e tattaaffii isaaniin dandeettii gonfachuu qaban akka hin gonfanne taasisuu isaa nutti agarsiiuurra darbee dandeettiin kun akka inni waan homaa hinbeenetti herreguu isaanii nama hubachiisa.

### IV. Qaaccessa gaaffii 4[ffaa]

Bar-gaaffiin 4[ffaa] akka mul'isutti barattootni 83 (69.2%)A/Oromoon afaan hiikkachuu isaanii yoo ta'u, barattootni 37 (30.8%) ammoo afaan biroon akka afaan hiikkatan mul'isa. Haalli kunis kan inni nama hubachiisu A/Oromoon afaan hiikkachuun qofa dandeettii dubbisuu akka nama hin gonfachiisne hubachiisa.Itti dabalees A/Oromoo waan dubbataniif dubbisuus nandanda'a jechuun xiyyeeffannaa kennuu dhabuu isaanii mul'isa. Dandeettiin A/O dubbisanii hubachuu xiyyeeffannaa kennuufi tattaafatanii gonfatamuu akka danda'u ni hubachiisa. Kun kana ta'ee osoo jiruu barattootni hanqina hubannaa irraa kan ka'e osoo A/O Afaan hiikkatanii jiranii dandeettii dubbisuus xiyyeeffannaa kennuu dhabuun hanga gonfachuu qaban hin gonfatiin hafanii jiraachuu isaanii namatti agarsiisa.

### V. Qaaccessa gaaffii 5[ffaa]

Akkuma gabatee 5[ffaa] irraa hubanutti barattootni guutummaan guutuutti gulantaalee dubbisuu 3'n akka hin fayyadamne mul'isa.Kun ammoo barattootni raawwii gulantaa kana keessa dandeettii kana fooyyeffatan ykn gabbifatan akka hin gabbifanne ni taasisa.Sababiin isaa gulantaalee 3'nuu bu'aa mataa, mataa isaanii qabu.Fkn.gulantaa dubbisa duraa keessatti barattoota mata duree dubbisaan muuxannoo isaaniin walitti fiduu, hiika jechoota haaraa tilmaamsiisuu, dubbisaaf isaa qopheessuudha. Gulantaa yeroo dubbisuutti ammoo wantoota dubbisa duraa keessatti gaaffii itti ta'an deebii itti argatanifi beekumsa isaanii wal-qabsiisaa kan itti hubataa deeman yoo ta'u; gulantaa dubbisa boodatti ammoo deebii gilgaalotaa dubbisuufi ergaa dubbisichaa cuunfuun yeroo itti madaalan ture. Adeemsa gulantaa kana keessaa dandeettiin dubbisuu kan fooyya'uu qabu itti fayyadamuu dhiisuun ammoo dhiibbaa qaqqabsiisuu isaa namatti mul'isa.

Walumaa galatti bar-gaaffiin barattootaa kun barattootni hiika jechoota A/O baay'inaan wallaaluun, bu'uurri ga'umsi dandeettii isaanii gadaanaa ta'uun, dandeettii kana gabbiffachuuf fedhii dhabuun barattootaa A/Oromoon afaan hiikkachuu qofti dandeetticha akka nama hingonfachiisnefi wayitii dubbisa dubbisanitti gulantaalee dandeettii dubbisuu 3'nitti fayyadamuu dhabuun rakkoolee dandeettii dubbisuu gabbisuu dhowwan keessaa isaan gurguddoo akka ta'an namatti agarsiisa.

#### 4.2.1.3. Xiinxala Ragaa Af-gaaffii Barattootaa

Af-gaaffiin barattootaaf godhame baay'inni isaa shan yoo ta'u barattoota toorbaafis taasifamee jira Isaanis M/b A/noonnoo irraa 3 Gujee irraa 2 M/b biro irraa 2 kan taa'aniif af-gaaffii taasifame qorattuun kun akka deebiin isaanii walitti kalaa'utti bifa armaan gadiin qaaccessitee jirti.

1. *Barsiisonni dandeettii A/O dubbisuu barsiisuuf qophii ga'aa qabuu?* Gaaffii jedhuuf deebiin barattootaa barsiisonni qophii ga'aa akka hin qabne himu.Deebii kanaafis sababa yeroo ka'an

- Dandeettii kana barsiisuuf xiyyeeffannaa hin kennan.
- Way'itii isaaniitti seeraan hin fayyadaman.
- Manatti dubbisadha jechuun qabiyyee biraa barsiisuutu jira.
- Kitaabni ga'aanis, waan hin jirreef barataa tokko daree keessaa dubbisiisuun gilgaala qofa hojjechuutu jira.
- Kitaaba barataas yeroo dubbisaa qabatanii daree hin galan.
- Barattoota kakaasuun jajjabeessanii shaakalsiisuurra hojii dhuunfaa isaaniif dursa kennuun guyyaa barnootaan ala barattoota daree 2,3, walitti qabanii bakka tokkotti waamanii barsiisuufaatu jira jechuun yaada isaanii tarreessu. Egaan yaadotni barattootaan eeraman kun kallattiinis ta'e, al-kallattiin dandeettii kana gabbisuu irratti dhiibbaa akka fidu ni agarsiisa. Ija ogummaan gaafa ilaalamu quucaruu dandeettii kanaaf sababni barsiisaa ta'uu isaati. Sababiinsaa barsiisaan gaafa hojii kanatti bobba'u haalonni hundi bakka mijaa'etti barsiisuuf qofa osoo hin taane mala rakkoo hiikuu barate gargaaramuun rakkoo jiru salphisuun hojii barnootaa A/O keessatti dandeetti A/O dubbisuu akka yaadametti milkeessuu osoo danda'uu ofiisaa gabbina dandeettii kanaaf yeroo gufuu ta'u mul'isa.

2. *Dandeettii A/O dubbisuu gabbifachuuf tattaaffiin isin gootan jiraa?Lakkii yoo jettan maaliif*? Gaaffii kanas barattootni lama eeyyee yoo jedhan barattootni shan ammoo lakkii jechuun deebisanii jiru.Yaada isaanii kanaafis yoo sababa kaa'an:

- Barnootni A/O salphaa waan ta'eef tattaaffii nu hinbarbaachisu.
- Bu'aan dandeettii A/O dubbisuu naannoo Oromiyaa qofaaf waan ta'eef tattaaffii guddoo hinbarbaachisu.
- Qabxii dhumaaf jennee baranna malee akka gosa barumsaa birootti iddoo hin kenninuuf.
- Gama barsiisotaanis ta'e gama bul/m/barumsaan xiyyeeffannaan guddaan waan barnoota kanaaf hin jirreef faay'idaan isaa muraasa waan ta'eef iddoo guddaa hinkenninuuf jechuun yaada isaanii tarreessu.Deebiin isaanii kunis kan agarsiisu barattootni hedduun waan dubbii A/O dandaa'aniif salphisanii ilaaluun xiyyeeffannoo kennuu dhabuu. Beekus kan jedhaman barnoota kanaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuun hubannaa bu'aan isaa muraasa isa jedhutti isaan geessuun gamatti yaada Oromiyaa qofaa keessatti isa jedhu mirkaneessuufii isaa namatti mu'isa. Haalli kunis garaagarummaa dubbachuufi dubbisuu gidduu jiru addaan baasuu dadhabuufi faay'idaa isaa irratti hanqina hubannaa qabaachuu irraan kan ka'e xiyyeeffannaan barachuu dhiisuun isaanii milkaa'ina dandeettii kanaaf gufuu ta'uu isaa namatti mul'isa.

3. *Mana barumsaa sad.1^ffaa^ttis ta'e 2^ffaa^ tti argamaniif itti fayyadamni kitaaba A/O maal-fakkaata?* Gaaffii jedhuuf qorattuun kun deebii barattootaa akka itti-aanutti qaaccessitee jirti.Mana barumsaa sad.1ffaa'ttis ta'e sad.2^ffaa^tti kitaabni A/O hinjiru. Kitaaba barnoota A/Oromoofi kitaabilee A/Oromoo barruu gaggaabaabaa qaban kan dandeettii dubbisuu gabbisuuf oolan ga'aan akka hin jirre ta'uufi kan jirus qabiyyeen kitaabicha keessa jiru dandeettii kana gabbisuufis ta'e barachuuf hawwataafi ga'aa akka hintaane dubbatu. Yaadi isaanii kunis kan agarsiisu kitaabni bakka barsiisaa bu'uun barattoota kan qajeelchu , kakaasuufi yaadi qalbii isaanii hawwachuun kan deeggaree dandeettii gonfachiisuu qabu ga'aa ta'uu dhabuufi qabiyyeen isaa hawwataa ta'uu dhabuun isaa kallattii akka barattootni dandeettii kana hin gabbifanneef dhiibbaa godhee akka jiru mul'isuu isaati.

4. *Mana barumsaa sad.1^ffaa^tti haalli isin dandeettii A/O dubbisuu gabbifachuuf itti barattan maal fakkaata?*gaaffii jedhu isaanii dhiyaateef  barattootni akkasiin deebisu:

- Salphaa waan ta'eef itti hin xiyyeeffannu jechuu.
- Barataan waanuma barsiifamuuf barachuufi barsiisaanis xiyyeeffannaaan ala waan barsiisuuf iddoo hin kenninuuf jechuun dubbatu.

- Gama biraan ammoo barsiisota A/O hindandeenyen akka barachaa turan ni himu. Egaa yaadi isaanii kun kan nama hubachiisu barattootni kun bu’uuruma irraa dandeettii kana irratti akka hin hojjetamneefi ilaalchi dandeettii kanaaf jiru illee gadi bu’aa ta’uu namatti agarsiisuu isaati.

5. *A/O barachuuf fedhii qabdaa?* gaaffii jedhuf barattootni akkas jechuun deebisan. Nuti fedhii qabaannus haalli jiru akka hin qabaanne nama taasisa. Kana jechuunis jedhu, barattootni kunis: tokko qabiyyeen kitaabichaa hawwataa ta’uu dhabuu isaa waan bu’aa guddaa hin qabaanne namatti fakkeessa. Itti dabalees xiyyeeffannaan gama bul/m/barumsaafi gama barsiisotaan jiruus akka barataan dandeettii kana irratti hinxiyyeeffanneef shora guddaa qaba.Hanqina gama barsiisaan jiru kana yoo tarreessan: barsiisaan fedhii dhabuu, qophii ga’aa gochuu dhabuu, haalli dhiyaannaa isaa barattoota kan hinkakaasne waan ta’eef fedhii barachuu nama dhowwa. Barsiisaan silaa barattoota keessatti fedhii uumuufi dhabamsiisuu irratti shora guddaa kan qabu ture jechuun himu. Akkasumas amma bu’aan gama A/O’n jirus waanti mul’atu bal’inaan dhibuun akka namni itti hin dadhabne nutaasisee jira jedhu. Egaa qorattuun kun yaada isaanii yeroo qaaccessitu, sanas ta’e kanas dandeettii dubbisuu kana gonfachisuuf barsiisaan ga’ee ol’aanaa qabaachuu mul’isa. Akkasumas, haalonni jiran dandeettii kan gabbisuuf mijataa ta’uu batuus barsiisaan ofkennee osoo hojjetee hojjechiisee akka galma ga’uu dandaa’an agarsiisa.

Ija ogummaan wanti inni nama hubchiisu ga’een barsiisaa qajeelee qajeelchuu, hojjetee hojjechiisuu, shaakalsiisuu, dhimmee dhimmisiisuun, hubannaafi fedhii keessatti uumuun dandeettii kana milkeessuu osoo danda’uu dirqama ogummaa isaa ba’uu dhabuun hanqina mul’ateef yeroo karaa banus namatti agarsiisuu isaa nama hubachiisa.

### 4.2.2. Qaaccessa Bar-gaaffii Barsiisota A/O M/barumsaa Sada. 2[ffaa]

Bar-gaaffiin kun gaaffiilee 4 (afur) kan of keessaa qabu yoo ta’u qorattuun kunis akka itti aanutti qaaccessitee jirti.

**Gabatee 6.Qaaccessa Bar-Gaaffii Barsiisota A/O Mana Barumsaa Sad.2ffaa.Burqaa Noonnoo**

| T.lakk | Bar-gaaffii Dhiyaate | Filannoo deebii | Baay’ina barsiisota deebisanii | Deebii argame |
|---|---|---|---|---|

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Barattooni dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuuf kaka'umsi isaan qaban hagam? | Gadaanaa | 2 | 100% |
| | | G/galeessa | - | - |
| | | Olaanaa | - | - |
| 2 | Barattootni yeroo dubbisa A/O dubbisan gulantaalee dubbisuu sadan addaan baasanii akka itti fayyadaman ni taasistaa? | Eeyyee | - | - |
| | | Lakkii | 2 | 100% |
| 3 | Dubbisa A/O madaallii ga'umsa dandeettii A/O ariitii, sirrummafi ibsuun ni geggeessitaa? | Eeyyee | - | 100% |
| | | Lakkii | 2 | 100% |
| 4 | Barattoota kanneen keessaa A/O'n kan afaan hiikkatan hagam ta'u? | Harka caalu | 2 | 100% |
| | | Muraasa | - | - |

**Hiiktuu**

A/O=Afaan Oromoo.

G/galeessa=Giddu-galeessa.

**I. Qaaccessa Gaaffii 1ffaa**

Deebiin gaaffii 1ffaa akka hubachiisutti barattootni hunduu (100%) dubbisa A/O dubbisuuf kaka'umsi isaan qaban gadaanaa ta'uu mul'isa.Kunis kan nama hubachiisu barataan durattiis hubannoo ga'aa waan hinqabneef barsiisaan barataa kakaasuun onnachiisee akka dubbisan gochuu ni danda'a.Kanaaf kaka'umsi isaanii gadaanaa ta'uuf barsiisaan sababa ta'uu namatti agarsiisa.

**II. Qaaccessa Gaaffii 2ffaa**

Gaaffii kanaaf deebiin kenname barsiisaan guutummaatti akka hin taasisneedha.Deebiin barattootaa gaaffii kanaa kenname barsiisonni lamaanuu akka hintaasisneedha.Kun ta'uu dhabuun ammoo barattootni adeemsa gulantaalee kana keessa dandeettii dubbisuu fooyyeffachuu danda'an akka hinfooyyeffanneef dhiibbaa mataa isaa qaqqabsiisuu namatti mul'isa.

**III. Qaaccessa Gaaffii 3[ffaa]**

Bifuma gaaffii 2[ffaa]'n wal-fakkaatuun deebiin barsiisotaa gaaffii 3[ffaa]'f kenname akka hingeggeesine kan agarsiisuudha.Taateen kunis kan nama hubachiisu barsiisonni waan ogummaa isaanii ajejutti fayyadamuun barsiisuu dhiisuun isaanii hanqina kanaaf maddi rakkoo inni guddaan barsiisaa ta'uu nama hubachiisa.

**IV. Qaaccessa Gaaffii 4[ffaa]**

Deebiin gaaffii 4[ffaa] akka mul'isutti barattootni harki caalu Afaan Oromoon akka afaan hiikkatan yoo ta'u; yoo irratti hin hojjenneefi hin hojjechiisne afaan ittiin hiikkachuun dandeettii dubbisuu akka nama hin gonfachiisne akeekuu isaati.

Walumaagalatti bargaaffiin barsiisotaa kun kan agarsiisu barattootni dubbisa A/O dubbisanii akka hin hubanneef rakkoo guddaa kan qabu barsiisaa akka ta'eef mul'isuu isaati.Barsiisaan akka ogummaan isaa qajeelchutti qaawwa jiru cufuun hojii isaanii ga'umsaan ba'uu qabu ture.Haata'u malee qorannoo kana keessatti waanti hubatamu faallaa kanaati.

### 4.2.3. Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisota A/O M/b Sad.2[ffaa] Burqaa Noonnoo

Af-gaaffiin barsiisotaa kun barsiisota A/O lamaaf kan taasifame yoo ta'u kunis gaaffiilee afur kan of keessaa qabuudha.

1. *Haalli fudhannaa barattootni barnoota Afaan Oromoo barachuu keessatti dandeettii dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii hubachuuf qaban maal fakkaata?*

Gaaffii kanaaf barsiisonni lamaanuu yaada wal-fakkaata deebisan.Yaadi isaanii kunneenis baratootni wal-keessa akka jiran ibsu.Kana jechuun isaanii barataan muraasni kan sad.1[ffaa] jalqabee dubbisu, ammas barnoota isaa fedhiifi qalbii tasgabbii qabuun dubbisa A/O dubbisee yoo hubachuu danda'u; barataan kaan ammoo kaayyoofi haala barachuu isaa irraa kan ka'e haala garaagaraan barachuu isaanii ibsanii jiru. Kanas yoo ibsan barataan ofiin of danda'ee baratu yeroo mara mana barumsaatti argamuu dhabuu, barataa mana barumsaa dhuunfaa irraa dhufe waa'ee Afaan Oromoo kan hinbeekneefi baruus kan hinbarbaannees jiraachuu; barataan garii waraqaa kutaa barnootaa argachuu qofaaf kan baratu jiraachuu, akkasumaas haala siyaasaan wal-qabatee tasgabbiifi qalbii guutuun waan hinbaranneef fudhannaan barattoota kun fedhiifi qalbii guutuun akka hintaane ibsu.

2. *Dubbisa A/O kitaaba barataa irra jiru madaallii ga'umsa dandeettii dubbisuu fayyadamuun barattoota hunda hirmaachisuun ni barsiiftuu?* yoo lakkii jettan maaliif? Gaaffii kana akkas jechuun deebisu."Hinbarsiisnu: sababni isaa barattootni baayyachuufi yeroo ga'aa dhabuu irraa kan ka'e qabiyyee kitaaba kan biro iyyuu xumuruuf rakkisaadha." jedhu.

Sababni dhiyaate kun haala qabatamaa jiruun dhugaa ta'us dandeettii kana fooyyessuuf itti yaadanii jennaan gama barsiisaanis ta'e baratan hamma tokko fooyyessuu osoo danda'anii fooyyessuu dhabuu dhimmamuuu isaanii mul'isa.

3. *Barattoota kana dandeettii dubbisa A/O dubbisuu isaanii fooyyessuuf akka mana barumsaatti haalli mijaa'an jiraa?* kana yeroo deebisan; "Haalli mijaa'an hinjiru.Barattootni baay'een isaanii ganda biraa irraa geejjibaan deddeebi'anii waan barataniif, fedhii barataan barnoota Afaan Oromoof qabuus gadi bu'aa waan ta'eef hinmijaa'u" jechuun deebisan.

Deebiin barsiisotaa olitti tarreeffame kana irraa akka hubatamutti barattootni barnoota A/O xiyyffachuun kan barataan akka jiraniifi barattootni irra caalaan isaanii ammoo haalotafi tas-gabbii isaan dhorku keessa akka jiran ibsuu isaati. Barataan tokko ammoo barnoota isaa fedhii guutuufi qalbii tasgabaa'een xiyyeeffatee yoo barate qofa bu'aa buusuu akka danda'u beekamaadha.Haalonni kun ammoo dubbisa A/O dubbisanii hubachuu barattootaa irratti dhibbaa ni qabaata.Itti dabalees barsiisonni dandeettii dubbisuu kana fooyyeffachuuf haalli mijataa dhibuu eeru.Kunis, barsiisaan barattoota dandeettii kana addatti irratti hojjechuun fooyyessuuf yeroo ga'aa dhabuun, barattootni baay'eenis gandoota biraa irraa geejjibaan deddeebi'anii barachuun dandeettii kana fooyyessuuf gufuu ta'uu isaa hubachiisa. Akkasumaas qorattuun kun mana barumsaa sana keessaa manni kitaabaa isaanii abuuruun kitaabni A/O akka hin jirre mirkaneessitee jirti.kunis kan ta'e manni barumsaa kun reefuu waan banamuufi. Egaan haalonni olitti eeraman kun dhibbaa dhibbatti ta'uu baatus dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu barattoota kana akka hinfooyyessineef hamma tokko dhiibbaa qabaachuu isaa xiinxaltee jirti.

4. *Gaaffii rakkoo olitti tarreeffame kana fooyyessuuf akkamiin shaakalsiisuu qabna?* jedhuuf barsiisonni yeroo deebisan, silaas hanqinni dandeettii dubbisanii hubachuu kan irratti mul'atu barattoota haala rakkisaafi kaayyoo garagaraaf baratanidha. Osoo irratti hojjenneesi fedhiin dandeettii kana fooyyeffachuus gama barataan sadarkaa kanatti hagas mara hin jiru.Kanaafuu, dandeettii kana fooyyeessuuf hojiin guddaan mana barumsaa sadarkaa 1[ffaa] tti hojjetamuu qaba. Bu'uurri isaas achi waan ta'eef jechuun deebisu.Akkuma deebii isaanii irraa hubatamutti dandeettii dubbisuu m/barumsaa sad.1[ffaa]'tti kan gonfatamu ta'uun beekamaadha.Sababiin isaa

sad.1ffaa marsaa duraatti dubbisuu danda'uu yoo baratan marsaa 2ffaa'tti ammoo barachuuf dubbisu.Kanaafuu yoo fooyyeffachuuf ta'e malee gonfachuuf sad.1ffaa hojii guddaan hojjetamuu akka qabu namatti agarsiisa.

Yaadni barsiisota Sad.2ffaafi barattoota Sad.2ffaa dhiyeessan yeroo wal-bira qabnee ilaallu osoo barsiisonni itti dhimmanii barattoota amansiisuun shaakalsiisanii barattoota hunda ta'uu baatus, hammi ta'e dandeettii kana fooyyeffachuu akka dandaa'anii mul'isa.Kuni ammoo ogummaa barsiisummaa bobbaa'aniif sanaa amanamuu dhabuu isaanii namatti mul'isa.

### 4.2.4. Qaaccessa Af-gaaffii barsiisota A/O Mana Barumsaa sad.1ffaa Abdii Noonnoofi Gujee

Mana barumsaa Abdii Noonnoo keessa barsiisota A/O shantu jiru.Isaan keessaa barsiisota dubartootaa lama kan yeroo dheeraa mana barumsichaa keessatti barsiisan qorattuun kun Af-gaaffii taasisteefii jirti.Af-gaaffiin kunis gaaffii shan of-keessaa kan qabu yoo ta'u, isaas qorattuun kun akka itti aanutti xiinxaltee jirti.

1. *Barattootni daree barnoota keessaa hundi barsiisota barnoota A/O barsiisuuf eebbifamaniin barnoota Afaan Oromoo ni baratuu?* kan jedhuuf barsiisotni lamaanuu yaada wal-fakkaatu akkasiin deebisan.Mana barumsaa kana keessatti hanga 2007'tti kutaa 1-4 daree duunfaan akka barachaa turan himu. Askeessatti barsiisoti afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye akka jiran ni eeru. Bara sanaa asittis jedhu barsiisonni kunneen bakka hanqinni barsiisotaa jirutti barnoota A/O barsiisaa muummee biraan akka barsiifamu ta'a ture. Akkasumas barsiisonni mindaa qofaaf barsiisanis ni jiru jechuun dubbatu. Yaadoti barsiisonni olitti eeran kun kan agarsiisu barattootni keessattuu yeroo itti dandeettii dubbisuu itti baratanii gabbifatanitti barsiisota Afaan sana sirriitti hindandeenyefi barachuuf dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu akka hingabbifanne nitaasisa.

Barsiisota muummee biraan A/O barachuun barattootaa kunis barumsichaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuufi barattootni A/O kaayyoo maaliif akka barsiifamu wallaaluu nama hubachiisa. Taateen kun ammo barattootni dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu isaanii irratti dhiibbaa guddaa geessisuu isaa mul'isa. Barsiisonni mindaa qofaaf barsiisuunis gama isaan dirqama ofii wallaaluu irra darbee daa'imman homaa hin beekne kanaaf quuqamuu dhabuun akka ijoolleen dandeettii dubbisuu kana hingonfanneef dhiibbaa qaqqabsiisaa akka ture kan mul'isu ta'uu isaati.

2. *Dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu irratti gama barattootaan rakkoon jiru maal?* Kanas akkas jechuun himu barattootni Afaan Oromoo dubbatan barnoota A/O'f xiyyeeffannaa hin kennan. Ammallee, jedhu barsiisonni, kun kitaabni barataa ga'aa ta'een hin baratan, innumti jiruyyuu dandeettii dubbisuu gabbisuuf qabiyyeen isaa hawwataa miti jedhu.Barsiistuun tokko ammoo itti dabaluun qubeefi sagalee addaan sagaleessuun ofitti fudhatanii adda baasuu irratti rakkoo akka qaban himti. Deebii barsiisota kanaarraa wanti hubatamu gama barattootaan xiyyeeffannaa dhabuun barnoota kanaa dandeettii dubbisuu isaanii gabbisuuf rakkoo isa bu'uuraati. Kuni immoo hanqina hubannooti; waan dubbii danda'aniif A/O ni beekna jechuun, waan barnoota A/O keessaa gonfachuu qaban dandeettii dubbisanii hubachuufaa hanqisuu isaanii kan agarsiisudha. Kan biraa ammoo qubee /dhamsagi/ (b) fi sagalee ykn birsga (ba) sagaleessuun waan wal-fakkaatuuf addaan baasanii hubachuurratti waan rakkisuuf kunis dandeettii dubbisuu gabbisuu irratti dhiibbaa ni qabaata.

3. *Ati barnoota A/O barsiisuuf fedhii qabdaa?* Gaaffii jedhu barsiisonni lamaanuu fedhii hin qabnu jechuun dubbatu.Sababni isaas jedhu, barataan daree keessatti daran baay'achuu, wal-gitiinsi barattootaa dhibuu, kitaabni barataa barnoota A/O ga'aan dhibuu, kan jiru iyyuu dandeettii dubbisu barattootaaf hawwataa ta'uu dhabuu baay'inni way'itii baay'achuu, gama bulchiinsaanis karooraafi gabaasni jiruus waan baay'atuuf gilgaala qofa hojjechuu irraa kan hafe hojii keenya gammachuun irratti hojjennee bu'aa barbaachisu fiduu hin dandeenye waan ta'eef jedhu. Egaan yaada barsiisotaa kana irraa wanti hubatamu kallattiin dandeettii A/O dubbisuu gabbisuu danda'u osoo hintaane al-kallattiin gabbisuu ni danda'a. Kanaafuu, haalonni kun irratti hojjetamuu dhabuun barattoota ga'umsa isaanii gonfachiisuuf al-kallattiin dhiibbaa akka taasisan nama hubachiisa.

4. *Gama bulchiinsa mana barumsaatiin dandeettii kana gabbisuuf wanti godhamu jiraa?* Gaaffii jedhu yeroo deebisan, akka gumiitti 'Gumii barreessuufi dubbisuu', 'gumii dagaagina aadaafi afaanii' jedhanii dhaabuu malee addatti wanti irrtti hojjetamu hinjiru jedhu. Deebiin kunis, gabaasa qofaaf malee xiyyeeffannaan dandeettii dubbisuu kana achi keessatti gabbisuu akka hin jirre kan agarsiisu ta'uu isaati jetti qorattuun kun.

5. *Hanqinaalee kana akkamitti fooyyeessuu dandeenya?* Gaaffii jedhu akkas jechuun deebisu: gama mootummaatiin qophii kitaaba fooyyessanii maxxansiisuu irratti qabiyyeen isaa xiyyeeffannaan itti kennammuu qaba jedhu. Akkasumas, jedhu barsiisonni kun qubee yookiin dhaamsagifi sagalee ykn birsagni sagaleessuu irratti waan wal fakkaatuuf ogeessonni afaanii bifa

itti addaan baasanii barsiisan fala kaa'uu qabu.Baay'inni barattoota daree keessaa akkuma qajeelfamni jedhuun osoo sirreeffamee gaarii ta'a.Barattootnis barnoota A/O barsiisotuma A/Oromoo barsiisuuf eebbifamaniin haabaratan. Itti dabalees, kitaabni barnoota A/O ga'aa ta'een barachuufi, kitaabilee A/O barruu gaggabaaboo qabanfi fakkiin deeggaramee akka dabalataatti ittiin shaakalsiisuun ni barbaachisa.Barsiisaanis beekumsa ga'aa qabaachuufi yoo xiqqaate leenjii miiltoo fudhachuun of haaressuu qabu jechuun dubbatu.

Deebiin barsiisotaa kun kan agarsiisu dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu gonfachiisuu keessatti qaamoleen addaaddaa akka ga'ee qabuufi; qaamoleen kunneen ammoo ga'ee isaa beekee yoo baa'ate, dandeettiin dubbisa A/O dubisanii hubachuu kun gonfatamuu akka dandaa'amu namatti mul'isa jechuun qorattuun kun yaada barsiisotaa kana qaaccessitee jirti.

Deebiin barsiisota sad.1^ffaa^fi sad.2^ffaa^ wal-bira qabnee yoo ilaallu barsiisonn sad.1^ffaa^ barattootni sad.1ffaatti gonfatanii darbuu qaban osoo hin gonfachiisiin darbuu; barsiisonni sad. 2^ffaa^ ammoo kana fooyyeessuu osoo dandaa'anii dandeettiin kun sad. 1^ffaa^tti gonfatamuu qaba jechuun itti dhimmamuu dhiisuu isaaniiti.Cuunfaatti gama lamaaniiyyuu sababa dhiyeessuun ofirraa dhiibuu malee baaaakka jiranitti hanqina furuun akka barattootni fooyyeffatan gochuuf yaaliinis ta'e fedhiin akka hin jirre namatti agarsiisa.

Walumaagalatti Xiinxalli Odeeffannoo Barsiisota A/O M/B/Sad.1^ffaa^ Kan Mul'isu

- Kitaabni ga'aan dhibuu, kunis dandeettii dubbisuu gonfachiisuu keessatti yaadiqalbii barattootaa hawwachuun onnatanii akka dubbisan gochuuf ga'ee ol'aanaa kan qabu ta'ee osoo jiruu kitaabni B/A/Oromoo barruu gaggabaabaa qaban m/kitaabaa m/barumsaa keessaa dhibuun dandeettii kan qancarsuuf dhiibbaa guddaa taasisasa. Akkasumaas qabiyyeen dubbisa kitaaba irra jirus hawwataa ta'uu dhabuunfi kitaabumti jiruyyuu seeraan itti fayyadamuu dhabuun isaanii kallattiinis haa ta'u al-kallattiin dandeettii kana quucarsee jiraachuu namatti mul'isa.
- Kaka'umsi dhibuu (Fedhii dhabuu): kaayyoo barnoota tokko galmaan ga'uuf kaka'umsi gama barsiisaan jiruufi gama barataan jiru murteessaadha.Kun kana ta'ee osoo jiruu barsiisaa ofii isaa kaka'umsa godhachuun barattoota dandeettii kanaaf kakaasuun akka dubbisan gochuu dhiisuun isaanii ga'ee ofii irraanfachuu ta'a. Barataan akkuma barsiisaan taasise ta'a. Sababiin isaa barsiisaan fakkaattoo isaati. Itti dabaluunis dandeettii dubbisuu barsiisuun gonfachiisuufis ta'ee dubbisuu gonfachuuf humna ta'ee kan sochuus kaka'umsa ykn fedhii

gama lamaaniinuu jiruudha. Kun ta'uu dhabuu isaatu guddina dandeettii dubbisanii hubachuu kanaaf hudhaa akka ta'e namatti agarsiisa.

- Baay'inni barattootaa daree keessatti baay'achuu: Kun akka barsiisaan barattootaa tokko tokkoon sad.ga'umsa dubbisuu isaanii hubachuun deggersa ogummaa barbachisu akka hin gooneef akka nama taasisu dubbachuu isaanii rakkoo ta'us akka mana barumsaattis ta'u akka muummeetti barsiisonni mari'achuun bifa danda'ameen irratti hojjechuun dandeettii kana furuu osoo dandaa'amuu, furamuu dhabuun ammoo dandeettii kana akka hin gonfanne gochuu isaa namatti mul'isa.
- Hanqinni dandeettii hubannoo dhamsagaafi birsagaa ilaalchisees barattootni way'ita sagaleessan waan wal-fakkaatuuf boci gargar ta'uu hubachuurra sagaleen waan wal-fakkaatu tokkummaa sagaleen qabaachuun isaanii dubbisuuf dhiibbaa akka qabu mul'isa.
- Barattootni xiyyeeffannaa kennuu dhabuu: Akka yaada barsiisota kanaatti barattootni hanqina hubannoo irraa kan ka'e waan dubbachuu danda'aniif dubbisuu dandeenya jechuun xiyyeeffannaan hin hordofan. As irratti waanti namatti mul'atu A/Oromoo dubbachuun qofti dandeettii dubbisuu nama hin gonfachiisu.Silaa barsiisonni waa'ee dandeettii dubbisuu ilaalchisee barattoota keessatti hubannaa uumuun fedhiin akka hordofan gochuu dhiisuun dandeettii kana gonfachiisuuf gufuu ta'uu isaa namatti agarsiisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa qorannichaa,argannoofi yaboon/yaadi furmaataa wal-duraa duubaan dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon gooroo qorannaa kanaa barattootni dubbisa A/O hangam dubbisanii akka hubatan addaan baasuun hanqina fi madda isaa xiinxaluun furmaata kennuudha. Bu'aan isaa m/barumsaa qorannoon kun keessatti geggeeffameef furmaata akka ta'uuf, barsiisonni manneen barattoota adda addaa rakkoo kana fakkaatu qaban kallattiin itti fayyadamaa taasisuuf gargaara. Qorannoon kun hanqina yeroofi baajetaa irraa kan ka'e m/b Sad.2ffaa Burqaa Noonnootti kutaa 9ffaa baratan keessaa daree sadii qofaarratti daangeffame.Haala barsiisa barnoota Afaan Oromoo sad.1ffaa qorachuufis m/b Sad.1ffaa A/N fi Gujeetti daanga'ee jira.Sababiin isaa barattootni baay'inaan achiirraa dhufanii waan barataniif.

Iddattoowwan qorannoo kanaas barattoota kutaa 9ffaa keessaa daree iddatteeffaman sadan; barsiisota daree iddattoo sanaa galanii barsiisan lama; barsiisota m/b A/Nfi Gujeetti A/Oromoo yeroo dheeraaf achii barsiisanii mala akkaayyootiin filataman lamaan fayyadamtee jirti. Akkasumas, abuuraa m/kitaabaa A/O mana barumsaa sadanuu keessatti taasifame akka madda odeeffannootti fayyadamtee jirti.Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanames qormaata, bar-gaaffiifi af-gaaffii yoo ta'u; tooftaaleen odeeffannoon ittiin funaanames mala carraa tasaafi mala miti carraa keessaa mala akkaayyooti.Kunis duubee barattoota qorachuun waan barbaadameef. Odeeffannoon kunis kan guurame: baay'inni barattootaa, m/b irraa dhufan irraa odeeffannoo fudhachuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'u jedhamee waan yaadameef, akkaataa baay'inaan barattootni m/b irraa dhufaniin barattoota M/barumsaa Sad.1ffaa A/N irraa dhufan 40, M/barumsaa Sad.1ffaa Gujee irraa dhufan 40 fi barattoota m/b biroo irraa dhufan 40 fudhachuun qormaataa, bar-gaaffiifi af-gaaffiin odeeffannoo irraa fudhatamee jira.Af-gaaffiin barattoota 7 kan m/b adda addaa irraa dhufaniif taasifamuun odeeffannoon fudhatamee jira.Egaan odeeffannoo meeshaalee addaaddaan sassabatte kana mala qorannoo makootiin qaaccessitee jirti.

Odeeffannoo guurame irraa wantootni hubataman akka armaan gadiitti dhiyaatani dhiyaataniiru.

- Qormaatni barattootaa dhibbentaa guddaan qabxii gadaanaa fidaniiru.
- Barattootni hedduun fedhii  dubbisuu dhabuu hubatameera.
- Barattootni gariin hiika jechoota A/O beekuuf rakkoo akka qaban bira ga'ameera.
- Kitaabni barnoota A/O ga'aa ta'e akka hin jirreefi kitaabileen A/O barruu gaggabaaboo qaban

m/kitaabaa isanii keessa akka hin jirre hubatameera.

- Barsiisonni gulantaalee dandeettii dubbisuutti fayyadamanii akka hin barsiisne, way'itii dubbisuutti barattoota hunda hirmaachisuun akka hin shaakalsiisnefi ofii isaaniyyuu qophii ga'aa akka hin qabne hubatameera.
- Barattootni gariin tasgabbiin barnoota isaanii akka hin hordofne hubatameera.
- Gilgaala hojjechuu malee dandeettii kana gabbisuuf gama barsiisaanis ta'e barataan tattaffiin akka hin jirre ni agarsiisa.
- Dubbisi kitaaba irraa jiru yeroo hin qabnu ofii dubbisaa jechuun bira darbamuu..
- Dubbisi kitaabaa hawwataa ta'uu dhabuufi gama barsiisaan kaka'umsi dhibuu.
- Barattootni barnoota A/O barsiisota A/O barsiisuuf eebbifamaniin ala ykn barsiisota muummee biraan akka barataniifi daree dhuunfaan barachaa akka turan hubatameera.
- Barattootni dandeettii kanaaf xiyyeeffannoo akka hin kennine hubatameera.
- Barsiisonni irra caalaan dandeettii kana gabbisuuf fedhii akka hin qabne hubatameera.
- Gama bul/m/barumsaan dandeettii kana fooyyessuuf deggersi godhamu akka hin jirre beekame
- Barattootni dhaamsagaafi birsaga addaan baasanii sagaleessuun hubaachuu irratti akka isaan rakkisu beekameera.

### 5.2. Argannoo Qorannichaa

Xiinxala qormaataa, bar-gaaffiifi af-gaaffii barattootaafi barsiisota taasisame irraa argame ilaalchisee qorattuun kun bifa armaan gadiin keessee jirti.

- Qormaatni barattootaa dhibbentaan guddaa qabxii gadaanaa fiduun hanqinni ga'umsa dandeettii dubbisanii hubachuu akka jiru agarsiisa..
- Maddoonni hanqinaalee kanaas yoo ibsamu:
  - ✓ Kitaabni barnoota Afaan Oromoofi kitaabiileen A/O barruu gaggabaabaa qaban mana barumsaa keessatti ga'aa ta'anii dhabamuu.
  - ✓ Dandeettii kana gonfachiisuuf yeroo, baay'ina wayitiifi baay'inni barattoota daree keessaa wal-simuu dhabuu.
  - ✓ Barattootni hedduun waan Afaan Oromoo dubbachuu danda'aniif dubbisuus ni beekna jechuun dandeettii kanaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuun hubatameera.
  - ✓ Afaan Oromoo salphaadha jechuun barsiisota muummee biraan akka baratan gochuun mirkanaa'eera.

- ✓ Yeroo gaa'aan hinjiru jechuun barsiisotni gulantaalee dubbisuu sadanitti fayyadamuu dhabuun hubatameera.
- ✓ Qalbiin barattoota hedduu tasgabba'aa ta'uu dhabuun beekameera.
- ✓ 'Gumiin Dandeettii Dubbisuufi Barreessuus' ta'ee 'Gumiin Dagaagina Aadaafi Afaaniis' gabaasaaf mana barumsaa keessa dhaabbate malee waanti irratti hojjetamu akka hinjirre hubatameera.Kunis gama bulchiinsa mana barumsaatiinis xiyyeeffannaan dandeettii kana gabbisu akka hinjirre mul'isa.
- ✓ Qabiyyeen dubbisa kitaabaas dandeettii kana gabbisuuf hawwataa akka hintaanefi kaka'umsi gama barsiisaa akka hin jirre hubatameera..
- ✓ Faay'idaafi guddina Afaan Oromoo ilaalchisee qaama hunda biratti hubannoon wal-qixaafi ofitti amanamummaan akka hinjirre mirkanaa'eera.

- ❖ Dhaamsagniifi birsagni yeroo sagaleeffamu waan wal-fakkaatuuf barattootni addan baasanii dubbisuuf akka rakkatan bira gaa'ameera.Fkn. /b/ fi/ba/.
- ❖ Way'ita daree dhuunfaa barachaa turan barsiisaa A/O ofiisaa sirriitti hin beekneen akka barsiisaa ture akkasumas barnootni A/O salphaadha ilaalcha jedhuun barsiisota muummee A/O'n ala ta'aniin barachaa akka turan ni mul'isa.
- ❖ Barsiisonni hedduun kan isaan fedhii dandeetti dubbisuu barsiisuu dhabaniif:
  - ✓ Barattootni daree keessatti gar-malee baay'achuu,
  - ✓ Kitaabni barnoota A/O ga'aan dareetti waan hin argamneef,
  - ✓ Baay'ina way'itii irraa kan ka'e dadhabbiin jiraachuufi,
  - ✓ Gama barattootaan xiyyeeffannaan waan hin jirreef,

### 5.3. Yaboo/Yaada Furmaataa

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan barattootni kutaa 9$^{ffaa}$ dubbisa A/O hagam dubbisanii akka hubatan addaan baasuun madda hanqinoota isaa xiinxaluunakka itti furamu ibsuudha. Akka argannoon kun ibsutti hanqinni dandeettii dubbisuu kun sad.2$^{ffaa}$tti haamul'atu malee rakkoon bu'uuraa m/barumsaa sad.1$^{ffaa}$ keessa akka ta'eedha.Kana jechuun ammoo sad.2$^{ffaa}$tti rakkoon hinjiru jechuu miti. Haaluma kanaan qorattuun kun rakkoo kanaaf furmaata ta'a kan jettee akka armaan gadiitti keessee jirti.

1. Barsiisonni sad.2$^{ffaa}$tti rakkoo dandeettii dubbisuu xiyyeeffannaa keessa galchuun barattoota rakkoo kanaa qaban fedhii keessatti horuun, karaa agarsiisaa yoo jajjabeessan dandeettii kana fooyyessuun ni danda'ama.

2. Barattootni kun fedhii dubbisuu qabaabachuun gulantaalee dandeettii dubbisuutiin yoo baratan gabbifafchuu nidanda'u.
3. Gama sadarkaa gaditti Bul/m/barumsaa ilaalcha barnooti A/O salphaa jedhu jijjiirachuun barsiisota muummee biraan barsiisisuu dhiisanii barsiisota A/O ga'umsa qabaniin barsiisisuu, akkasumaas gumiiwwan m/b keessatti dhaabaman kan dandeetti dubbisuu keessatti gabbisuun dandaa'amuuf xiyyeeffannoo addaa kennuun hirmaachisanii ofiis yoo hirmaatan fooyyessuun ni danda'ama. Dandeettii kana barsiisuuf kitaabni murteessaa waan ta'eef itti dabalees manni barumsaa kitaaba barnootaa 'koppii' gochuun barattoota yoo dhaqqabseefi kitaabilee A/O barruu gaggabaabaa hamma dandaa'ametti bituun m/kitaabaa keessatti haala mijeessuun barattootni akka itti fayyadaman taasisuu qabu.
4. Barsiisonni way'ittii dandeettii dubbisuu barsiisan barattootaaf waa'ee faay'idaa dandeettii dubbisuu hubannoo kennuun hirmaachisaa shaakala ga'aa akka godhan yoo taasisan barattootni xiyyeeffannaa ni kennu.
5. Akkuma beekamu qaamolee dandeettii dubbisuu kanneen milkeessan keessaa ga'ee guddaan kan barsiisaa waan ta'eef: barsiisonni hanqina qabiyyee kitaabaas haala qabatamaa barataan fooyyessanii, baay'ina barataas hamma danda'ametti mala rakkoo hiikuu itti leenjifameen mijeeffatee rakkoo kitaabas naa furuu danda'a kan jedhe ofii mijeeffachuun haala jiru to'achuun yoo irratti hojjete rakkoo kana dhibbaa dhibba ta'uu baatus dhibbentaa guddaa fooyyessuu akka danda'u beekamaa waan ta'eef fedhii dhabuu baatee irratti hojjechuu qaba.

Walumaagalatti qorannoo kanarraa wanti hubatamu barattoota dandeettii dubbisuu milkeessuuf qaamoleen garagaraa akka ga'ee qabufi qaamoleen kunneen keessaa qaamni tokko qofti ga'ee isaa ba'uun akka barbaadametti gonfachiisuun waan hin dandaa'amneef qaamooleen hunduu ga'ee isaa beekee ba'uun irratti hojjechuu qaba.

**Wabii**

Addunya Barkeessaa. (2011:17). *Akkamtaa, Yaad-rimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee: Oromiyaa.

Alderson.J.Charlis. (2000).*Assessing Reading*. Cambridge University Press.

As Horn by (2002). *Oxford Dictionary of Current English.London Oxford University press.*

Atkins, J.et,al (1995).*Skill Development Methodology (part I)* Addis Ababa, University press.

Atkins, J.Hailom B. and Nuru, M.(1996). *Skill Development Methodology (Part II)* A/A: Addis Abeba University press.

በድሉ፡ዋቅድጅራ። (1996)፣ በስነ፡ ጽሑፍ፡ ቋንቋን፡ ማስተማር፡ ኣዲስ ኣበበ ንግድ ማታሚያ ድርጅት ::

Bazerman (1997).*Reading Skill*.U.S.A. Houghton Mifflin Company.

Broughton. G.et.al (1988). *Teaching the Language as aforeign Language*. Second edition routile deg and keganpaul.

Brown, H.D.(2000).*Language Assessment Principle and Classroom Practice*.Longman.

Conley, M. (1992).Context Reading Instruction.Acommunication Approach.USA; Mu.Gray Hill Inc.

Dastaa Dassaalenyi (2002).*Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Day, R. and Bamord, J (1988). *Extensive Reading in the School Language classroom.* Cambridge: Cambridge University press.

Geetaachoo Asaffaa. (2010/2018) "*Qaaccessa Ogummaa Dubbisuu Barnoota Afaan Oromoo: Haala mana barumsaa qophaa'ina Komboshaa kutaa 12ffaa.*" Universitii Finfinnee. (MA Thesis)

Geetachoo Asiraat. (1996) *"The Teaching Of reading In Government High School In Addis Abeba."*Barattoota kutaa 11ffaa irratti kan xiyyeeffatu. (MA Thesis)

Geetachoo Rabbiraa (2005). *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10*, Finfinnee: Dhaabbataa Maxxansaa Boolee.

Getachew (1996), *Teaching of Reading in Government High School*. Addis Abeba.

Gerhard, G, Duffy. (1982). *Vocabulary Development (Essential Reading Skills)* MCbougal, Little and Co: Teachers Ed.Edition.

Grellet, F, (1981). *Developing Reading Skill.Apractical Guide To Reading Comperhension Excersise*. Cambridge: Cambridge University Press.

Heighp, D. (1977).*The Reading Intrest of Lower Secondory School Children in Africa and Asia. English Teaching*: Joural No.35.

Hinseenee Makuriyaa (2017:31), Conversation.Addis Ababa: Ethiopia.

Kuulanii Fayyeeraa. (2010) *"Xiinxala Ogummaa Dubbisanii hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka 2^ffaa^tti barataniif akka afaan jalqabaatti baratan.Haala m/b Amboo Sad.2^ffaa^tiin qophaa'e."* (MA Thesis)

Nuttal.C. (1982) *Teaching Reading Skills In Aforeign Language*. London: Heineman Education books.

Nuttal.C. (1989) *Teaching Reading Skills In Aforeign Language*. London: Heineman Education books.

Pahuja, N.P. (2001).*Teaching of English*. New Delli: Anmal Publication Pvt.Ltd.

River (1987), *Apractical Guide to the teaching of English Foreign Language*. New York. Oxford Universty press.

Ruddel, M.R. (2001) *Teaching Content Reading and Writing*. New York: Jhon Wiley and Sons Inc.

Sensan (1997) *Improving Reading Skills*.Combbridge University press.

Shermila (2006). *Skills of Reading in English*. (Vol 6) India.

Sterven, F. (1977). *Reading Comperhension*.London: Macmillan.

Tolamaaram F.(2007). *Caacculee Shanaan Afaan Oromoo.*Social Advertising & printing.Addis Ababa.

Wallace, C. (1993). *Language Teaching*: Oxford: University Press.

Williams, E. (1991). *Reading the language Classroom* Hong Kong: Macmillan Publisher.

Williams, R. (1991). *Top Ten Principles of Teaching Reading*.Londen, Mc publishers.

Saamu'eel Mogessin. (2011) *"Factors That Affect Students Comprehension In Two Government High Schools Grade 9^th^ Students In Focus"* Universitii Finfinnee. (MA) Thesis).

## Dabalee A

**Dubbisa 1ffaa**

**Dubbisa Dhiyaate Dubbisuun Gaaffilee Itti Aanan Akka Gaafatamtetti Deebisi.**

**M/barumsaa irraa dhuftee saanduqa armaan gadii keessa mallaattoo "X"kaa'i.**

M/B/A/Noonnoo ☐ M/B/Gujee ☐ M/B/biraa — Kan mootummaa ☐ / Kan dhuunfaa ☐

Akaakuu fuudhaafi heerumaa Oromoo ilaalchisee garaagarummaa baay'een hinjiru.Fuudha daraaraa, kaadhimmannaa, hawadii, butumee (aseennaa), hirba (bimbeetoo) kanneen jedhamanfa'i.Haata'u malee, akaakuu fudhaafi heerumaa keessaa tokko kan ta'e, butiin, kan sirni Gadaa Oromoo yakka ta'uu **isaa** seera irratti tume waan ta'eef, dhorkaadha. Adabbiin yakka **isaas** fakkeenyaaf akka Oromoo Arsiifi Gujiitti loon torba yoo ta'u akka Oromoo Booranaatti ammoo loon soddoma kan adabsiisuudha. Erga yakka ta'ee eessaafi akkamitti gochi **kun** raawwatamaa ture gaaffii jedhuuf akka aadaa Oromoo hinta'iiniifi yeroo booda gaadduu wajjin kan dhufe ta'uu isaafi kanaaf jechas akka yakkaatti kan fudhatamu ta'uu isaas manguddoonni nihimu.

Umurii fuudhaafi heerumaa ilaalchisee kan Oromoo gosa hundaatuu kan wal fakkaatudha. **Innis** durbi tokko kan heerumuu dandeessu yoo qaamni ishii bilchaate ta'a. **Kana jechuun**, harmi yoo guntute, yoo sarbaaniifi irreenshii jabaate, yoo qaajafraa dhaltii sa'aa leenjisuu dandeesseefi kan kana fakkaataniin kan madaalamuudha. Akkasumas, qaamaafi sammuun ishii guutee cimee mana ishii bulfachuu kan dandeessu yoo ta'eedha. Akka Oromoo Wallootti immoo intalti yoo ulee bobaa kaayyatte heerumsiisan.Ulee bobaa kaayyachuun ishii heerumaaf gahuufi fedhii horachuu ishii mallattoo ittiin mul'iftuudha.Dhiirri ammo abbaafi haadhatti qaanyuu yoo jalqabe sadarkaa fuudhaarra gahe jedhama.

Akka sirna Gadaa Oromootti dubarri tokko akka seera walabaatti kadhatamti; warri, haadhaafi abbaa isaa niqoratu; sanyii, amala hannaa, **falfala** akkasumas fayyaa hunda niqoratu. Firooma dhiigaa hanga **abbaa** torbaatti lakkaayyatan; obboleessa gosa nimari'achiisan. Fedhii intalaas gaafatanii yoo **hireen** Waaqayyoo kennitee warra mari'achiisanii intalli tole jette hayyamuuf. Haa ta'u malee, iddoo tokko tokkotti fedhii intalaa osoo hingaafatiin kennuunis nijira….

(**Madda:** Qormaata Biyyoolessaa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa bara 2005/2013 irraa kan fudhatame)

I.Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun himoota itti aananii jiran kan yaada sirrii ta'een dhugaa,kan dogoggora ta'een dhara jedhii deebisi.

1.Uummata Arsiifi Baalee biratti adabbiin yakka butii loon toorba adabsiisa.

2. Butiin aadaa uummata Oromoo miti.

3. Keeyyatni 1ffaa himoota shan irraa ijaarame.

4.Akka Oromoo Wallootti dhiirri yeroo fuudha ga'u ulee bobaa jala kaayyata.

5. Dubarri walbaan kadhatamtu hundi fedhii isheen heerumti.

6. Dubarri tokko kan heerumuu dandeessu yoo qaamni ishee bilchaate qofadha.

7. Sirna Gadaa keessatti aadaan fuudhaafi heeruma butii yakka.

8. Umrii fuudhaafii heerumaa ilaalchisee kan Oromoo gosa hundumaa wal-fakkaataadha.

**II. Dubbisicha irratti hundaa'uun qubee deebii sirri qabu filadhu.**

1. Akka sirna Gadaa Oromootti gosi fuudhaafi heerumaa yakka ta'uun isaa seeraan tumame kami?
   - A. butii
   - B. aseennaa
   - C. kaadhimmannaa
   - D. hawadii
2. Intalli tokko heerumaaf gahuufi fedhii horachuu ishii ulee bobaa jala kaayyachuun kan mul'istu dubara Oromoo naannoo kamii biratti beekama?
   - A. Oromoo Walloo
   - B. Oromoo Booranaa
   - C. Oromoo Arisii
   - D. Oromoo Gujii
3. Sirna Gadaa Oromoo keessatti fuudhaafi heeruma raawwachuuf firooma dhiigaa hanga abbaa meeqaatti lakkaayyatan?
   - A. 5
   - B. 6
   - C. 7
   - D. 8
4. Keeyyata sadaffaa keessatti jechi <u>'hiree'</u> jedhu jecha kamiin bakka buusuu dandeenya?
   - A. milkii
   - B. humna
   - C. sanyii
   - D. gahoo/qooda
5. keeyata 2ffaa keessatti ….. 'kana jechuun' ….. kan jedhu maal ibsa?

A. fuudhaafi heeruma

B. gosa Oromoo

C. bilchina qaamaa

D. jabeenya hirree

6. ………. ta'uu isaa………. (keeyy. 1ffaa) eenyuun agarsiisa?

A. fuudhaafi heeruma

B. butii

C. gadaa

D. aseennaa

7. keeyyata 3ffaa keessatti hikni jecha **falafa** jedhu maal ta'a?

A. moortuu

B. fayyaa

C. sooressa

D. fedhii

8. …..akka Oromoo Booranaatti loon soddoma kan adabsiisuudha. Gaalee jedhu keessatti dogoggora maaltu jira?

A. lakkoofsa

B. dogoggora yaadaa

C. sirna tuqaalee

D.dogoggora qub-guddeessaa

9. keeyyata sadaffaa keessatti jechi ‘abbaa’ jedhu maaliin bakka buusuu dandeenya?

A. obboleessa

B. jilba

C. soddaa

D. obboleettii

10. Yaadi, durbi tokko kan heerumuu dandeessu yoo qaamni ishii bilchaatedha, jedhu maal jechuudha?

A. yoo harmi ishii guntute

B. yoo sarbaniifi irree ishii jabaate

C. qaajafra dhaltii sa'aa leenjisuu dandeesse

D. hunduu deebiidha

11. Akka sirna Gadaa Oromootti dubara tokko yeroo walabatti kadhatamtu; warri intalaa haadhaafi abbaa isaa maalfaa qoratu?

A. sanyiifi amala

B. firooma dhiigaa

C. falfalaafi fayyaa ta'uu isaa

D. hunduu deebiidha

12. Akka Oromoo Wallootti dhiirri abbaafi haadhatti qaanyuun isaa sad. maalii agarsiisa?

A.sad. fuudhaa

B.sad. ijoollummaa

C.sad. ga'eessummaa

D. ‘b’ fi ‘c’ n sirriidha

13. keeyyatni 2ffaan himoota meeqarraa ijaarame?

A. 4

B. 6

C. 8

D. 7

14. Mata dureen dubbisa kanaa maal ta'uu danda'a?

A. fuudhaafi heeruma

B. sirna fuudhaafi heerumaa

C. sirna gadaa D. ‘b’n sirriidha

15. Intala walabaan kadhatamte fedhii ishii ni gaafatu. Jechi jala murame hiikii isaa maali?

A. eyyamu ishii

B. tole jechuu ishii

C. dirqisiisuu ishii

D.‘A’fi‘B’dha

**Dubbisa 2ffaa**

Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufu, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu ogafaaniin mirkaneeffama.Duudhaa hawaasaa gaarii tahe,fudhatama godhatee ,kabajamee akka jiraatu, badaafi fokkisaa kan tahe ammoo akka dhabamu ykn akka baduuf ogafaanitti dhimma bahama.Hawaasa tokko irra yoo balaan gahu, (beela, godaansa, waraana, dhukkubafi kkf.) Ogafaaniin ibsama;ittiinis yaadatama.Balaawwan mudatan kunneen irratti hawaasichi ilaalcha akkamii akka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimu ogafaaniin qindaa'ee labata dhufuuf lufa.

Maddi ogafaanii mudannoowwaniifi muuxannoo hawaasaati.Hawaasni hundumtuu (kan barnoota ammayyaa qabuufi hin qabne) ogafaan kan qabu ta'ullee, hedduminaan qabeenya warra barnoota ammayyaa hinqabneeti.

Yeroo hundumaa dhimma gara-garaa irratti mammaaksi mammaakamu,durduriin himamu,dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti faaruuwwan dhiyaatan,dhimma hojii qonnaa waliin walqabatee weedduuwwan jiran yoo loon bobbaasan sirbi tikee,yeroo namni du'u boo'ichi dhagaa'amu,yeroo ayyaana waggaa, gaa'ilaa,gammachuu garagaraa sirboonni dhiyaatan,bakka namni tokkoo ol tahee walarge maratti baacoon dhihaatu,walaloon namoonni beekamoon himan,afseenaa maanguddoon dubbatan hundi ogafaan hawwasni waa'ee mataa isaa,naannoo isaa,namootaafi addunyaa kana irratti ilaalchaafi falaasama qabu kan ittiin ibsatuudha.

Namoonni dhuunfaas ta'e hawwaasni, ogafaaniin gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalanii qeequ; deeggaru, mormuu, isa darbe ittiin yaadatu, isa dhufuuf raagu.Akkamitti akka uumaman, maaliif akka uumaman qoratu.Amala namootaa ittiin hubatu.Jireenya isaaniif bu'uura kan ta'e ittiin faarfatu.Jabinaafi laafina ittiin qoratu; daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisu, gorsu.

Kanneen armaan olitti tarreeffaman akka walii-galaatti akka faayidaafi amaloota ogafaaniitti kan ilaalamuu danda'an yoo ta'ellee kanneen itti aanan amaloota ogafaanii keessaa isaan bu'uuradha.

Amaloota ogafaanii keessaa tokko kan dursee qindeesse beekamuu dhiisuudha. Kanaafuu, makmaaksa, oduudurii, yookaan weedduu kan jalqaba weeddise yookaan walaloo isaa qindeesse abaluudha jechuun hindandaa'amu. Haalli hurruubummaafi uumamni isaa gareetiin waan ta'eef, nama dhuunfaaf xiyyeeffannaan hinkennamu. Ogafaan qabeenyummaan isaa kan hawwaasaati jechuudha. Kanaafuu, maqaan nama kalaqee hinbeekamu. Ogafaan afaaniin labata lufu irraa isa fufutti waan darbuuf eenyu akka dursee qindeesse beekuun ni ulfaata. Garuu, dheerina yeroo keessa eenyummaan nama kalaqee beekamuu baatus, nama dandeetti waa kalaquu qabuun kan

uumame ta’uun isaa beekamaadha.Namoonni ogafaan dhaga’anii yaadachuudhaan ogummaafi dandeetti dhuunfaa ofii itti dabaluudhaan dabarsu.

Haalli hurruubummaafi uumamni isaa gareetiin waan ta’eef, ogafaan hojii gareeti jedhama.Og-afaan hedduun isaanii nama tokko qofaan kan jedhaman miti. Garri caalaan isaanii gareetiin waan hurruubamaniif hurruubamuudhaaf jamaa kan barbaadanidha.Fakkeenyaaf, mammaaksa keessatti mammaakaan jira; namni/namoonni mammaakamuufiis jiru.Akkasumaas, dhimmi mammaakamuuf jira.Jamaan mammaaksi mammaakameefii jechaan, yookaan mallattoo (fuula irraa mul’atuun) deebii kennu. Sirboonni garagaraas akkasuma.Kan weeddisu/san jira/u; kan jalaa qaban, kan dhageeffatan, kan shubbisan, kan hamilee kennan jiru.Haalli hirmaannaafi baay’inni namoota hirmaatanii, ogafaan tokko irraa isa biraatti garaagarummaa qaba.Fakkeenyaaf, ajjeesaan tokko yoo geeraru, yookaan yoo dhaadatu, jajjabeessu yookaan gaaffii garaagaraa gaafatanii akka inni caalaa geeraru/dhaadatuuf, seenicha caalaatti akka himuuf kakaasu.Garuu, hojiin garee ogafaan tokko keessa jiru isa biraa irraa adda.

Dubbisa olitti dhiyaate irratti hundaa’uun gaaffiiwwan armaan gadii akka gaaffatamtetti deebisi.

I. Jechoota armaan gadiitti dhiyaateef akkaataa dubbisichaan hiika isaa barbaaduun walitti firoomsi.

| **A** | **B** |
|---|---|
| 1. dalagame | a.waan haaraa uumuu |
| 2. sanyiin | b.baayyee, danuu |
| 3. labata | c. qaabachuudhaan |
| 4. ammayyaa | d. hojjetame |
| 5. lufa | e. dhaloota |
| 6. baacoo | f. qoosaa |
| 7. jabina | g.darba |
| 8. kalaquu | h.jabana haaraa |
| 9. hedduu | i. qomoon |
| 10. yaadachuudhaan | j. cimina |

**II.Dubbisicha irratti hundaa’uun qubee deebii sirrii qabu filadhu.**

1. Akka dubbisichaatti mammaaksi yoo mammaakamu oduun durii ni_______________

A. dubbatama C. seeneffama

B. sirbama D. himama

2. Jechi keyyata 4ffaa keessatti ‘deeggaruu’ jedhu hiiki isaa ___________________ ta’a.

A. tumsuu  
B. utubuu  
C. gargaaruu  
D. bittinneessuu

3. Dubbisi kun Af-seenaa eenyutu dubbata jedha ?

A. jaartolii  
B. manguddoota  
C. jaarsolii  
D. daa’imman

4. Maddi og-afaanii maalfa’i?

A. Muuxannoofi mudannoo hawwaasaati  
B. qonnaafi daldala hawwaasaati  
C. dinagdeefi barumsa hawwaasaati  
D. Hinbeekamu

5. Og-afaanitti irra caalaa kan fayyadamu _____________ dha.

A.hawaasa barnoota qaban  
B.hawaasa barnoota hinqabne  
C. daa’imman  
D. manguddoota

6. Og-afaanni qabeenyummaan isaa kan ___________________ti.

A. waaqaa  
B. mootumaa  
C. nama dhuunfaa  
D. hawwaasaa

7. Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufu …… isa jedhu keessatti hiiki jechoota jala muramanii wal-duraa duubaan___________________

A.darbu, dhaloota  
B. dhaloota, darbuu  
C. A fi B  
D. ‘b’n sirriidha

8. Hawwaasni og-afaan fayyadamuun jireenya isaanii madaalanii______________

A. ni qeequ  
B. ni deggaru  
C. ni mormu  
D. hunda

9. Akka dubbisa kanaatti hawwaasni og-afaaniin_______________________

A. amala namootaa ittiin hubatu  
B. jabinaafi laafina ittiin qoratu  
C. ittiin barsiisu, gorsa  
D. martinuu sirriidha

10. Dubbisicha ilaalchisee yaadi dogoggora ta’e kami?

A. Og-afaanni garri caalaan isaa gareen hurruubama.

B. Hojiin garee og-afaanii tokko keessa jiru isa biraa irraa adda.

C. Og-afaanni qabeenyummaan isaa kan hawwaasaa waan ta'eef maqaan nama kalaqee hin beekamu.

D. Hawwaasni og-afaaniin isa darbe yaadachuu malee, isa dhufuuf ittiin hin raagan.

11. Kan armaan gadii keessaa kamtu og-afaan?

A. hibboo

B. mammaaksa

C. sirba

D. hunda

12. Mammmaaksi yeroo akkamii mammaakama?

A. yeroo dhimma hawwaasaa

B. yeroo gaa'ilaa

C. yeroo boo'ichaa

D. deebiin hinkennamne

13. Akka dubbisa kanaatti ga'een jamaa maali?

A. jalaa qabuu

B. hamilee kennuu

C. dhaggeeffachuu

D. hunda

14. Og-afaanni nama kalaqeen beekamuu baatuus nama dandeettii waa kalaquu qabuun akka kalaqame beekamaadha.

A. dhugaa

B. kijiba

C. dhara

D. soba

15. Og-afaan keessatti haalli hurruubummaafi uumamni isaa gareetiin waan ta'eef, nama dhuunfaaf ______________ hinkennu

A. yaada

B. bu'aa

C. xiyyeeffannoo

D. beekamtii

16. Keeyyata $1^{ffaa}$ bo'oo $1^{ffaa}$ irratti **seenaan dalagame** yeroo jedhu maal jechuu isaati?

A.taatee armaan duraa

B.taatee ammaa raawwachaa jiru

C.taatee hin raawwatamiin

D.deebii hin qabu

17. Kamtu og-afaan ilaallatta?

A.hurruubamuu

B.gareen dhiyaachuu

C. qabeenya hawaasaa ta'uu

D.martinuu sirriidha

## Dabalee B

**Yuuniversiitii Finfinneetti Muummee Afaan Oromoo Og-barruufi Fookiloorii Kolleejii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtii.**

**Bar-gaaffii Barattoota Kutaa 9$^{ffaa}$ M/b Sad.2$^{ffaa}$fi Qophaa'ina Burqaa Noonnootiif Qophaa'e**.

Kaayyoon gaafannoo kanaa barattootni dubbisa A/O hagam dubbisanii akka hubatan xiinxaluun duubee isaanii qoratee furmaata kennuuf kan qophaa'e waan ta'eef odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka kennitan kabajaan isin gaaffadha.

Mana Barumsaa irraa dhufteef, mallattoo "X" kaa'i.

- A/Nonnoo ☐
- Gujee ☐
- M/B/Biroo ☐

.

Koorniyaa _______________ daree_______________

Hub. Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Qajeelfama: Gaaffilee dhiyaataniif bakka qophaa'eeffitti mallattoo 'X' kaa'i.

1. Hiika jechoota A/O hubachuurratti rakkoo qabdaa ?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

2. Ga'umsi dubbisa A/O dubbisanii hubachuu keetii hagam?

   Gadaanaa ☐ Giddugaleessa ☐ Ol'aanaa ☐

3. Dubbisa A/O dubbisuuf fedhii qabdaa ?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

4. M/b sad. 1$^{ffaa}$ tti kitaaba barnoota A/O ga'aa ta'een baratteettaa?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

5. Jalqaba Afaan kamiin afaan hiikkatte?

   A/Oromoo ☐ Afaan biraa ☐

6. Barsiisonni A/O barnoota A/O barsiisuuf qophii ga'aa qabuu?

   Qabu ☐ Hinqaban ☐

**Dabalee C**

**Yuuniversiitii Finfinneetti Muummee Afaan Oromoo Og-barruufi Fookiloorii Kolleejii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtii.**

**Bargaaffii Barsiisota A/Oromoo kutaa 9^ffaa M/b sad.2^ffaa fi Qophaa'inaa Burqaa Noonnootiif qophaa'e.**

Kaayyoon gaafannoo kanaa barattootni dubbisa A/O hangam dubbisanii akka hubatan xiinxaluun haala duubee isaanii qorchuun furmaata kennuuf waan ta'eef odeeffannoo sirriifi qulqulluu amanamummaan akka guuttan kabajaan isin gaafadha.

Koorniyaa ______________ Sad. barumsaa______________

Hub. Maqaa barreessuun hinbarbaachisu

Qajeelfama: Gaaffilee dhiyaataniif deebii bakka qophaa'eeffitti mallattoo 'X' kaa'i.

1. Barattootni dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuuf kaka'umsi isaan qaban hangam?

   Gadi'aanaa ☐ Giddugaleessa ☐ Ol'aanaa ☐

2. Barattootni yeroo dubbisa A/O dubbisan gulantaalee dubbisuu sadan addaan baasanii akka itti fayyadaman ni taasistuu?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

3. Dubbisa A/O madaallii gahumsa dandeettii A/O ariitii, sirrummaafi ibsuun dubbisuu ni geggeessituu?

   Eeyyee ☐ Lakkii ☐

4. Barattoota kanneen keessaa kan Afaan Oromoon afaan hiikkatan hagam ta'u?

   Muraasa ☐ Harka caalu ☐

**Dabalee D**

**Yuuniversitii Finfinneetti Muummee Afaan Oromoo Og-barruufi Fookiloorii Kolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtii.**

**Af-gaaffii barsiisota A/O kutaa 9^ffaa^ M/b Sad.2^ffaa^fi Qophaa’ina Burqaa Noonnootiif Qophaa’e.**

Koorniyaa _______________ daree __________________

1. Haalli fudhannaa barattootni barnoota A/O barachuu keessatti dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu irratti qaban maal fakkaata?
2. Dubbisa A/O kitaaba barataa irra jiru madaallii ga’umsa dandeettii dubbisuu fayyadamuu barattoota hunda hirmaachisuun ni barsiistuu?
3. Barattoota kana dandeettii dubbisa A/O dubbisuu isaanii fooyyessuuf akka mana barumsaatti haalli mijaa’aan jiraa?
4. Rakkoowwan jiran fooyyessuuf akkamiin shaakalsiisuu qabna?

# Dabalee E

**Yuuniversitii Finfinneetti Muummee Afaan Oromoo Og-barruufi Fookiloorii Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtii.**

**Af-gaaffii Barsiisota A/O M/b Sad. 1ffaa fi Qophaa'e.**

1. Dareen barnootaa hundi barsiisota barnoota A/O barsiisuuf eebbifamaniin barnoota A/O ni baratuu?
2. Dandeettii dubbisa A/O dubbisanii hubachuu irratti gama barattootaan rakkoon jiru maal?
3. Barnoota A/O barsiisuuf fedhii qabduu?
4. Gama bulchiinsa m/barumsaatiin dandeettii kana gabbisuuf waanti godhamu jiraa?
5. Haqinaalee kana akkamitti yoo shaakalsiistan fooyya'uu danda'a jettanii yaadu?